

**XIINXALA SIRNA "ARAARA WAAQAYYOO BAASUU" GODINA
HORROO GUDURUU AANAA JIMMAA RAAREE**

KORREE KURMAANAA DHUFEERAA

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (M.A)
GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OG-BARRUUF FOOKLOORIIF DHIYAATE**

YUUNVARSIITHI ADDIS ABABAA

HAGAYYA 2015 /2007

FINFINNEE

YUUNVARSIITII ADDIS ABABAA
DHABBATA QORANNOO
DIGIRII DURAA BOODDEE

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Gamisaan

**Guuttachuuf Mata-Duree “Xiinxala Sirna 'Araara Waaqayyoo Baasuu' Godina
Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Raaree” Jedhuun Korree Kurmaanaatiin Kan
Qophaa’e Sadarkaa Madaallii Yuuniiversiitiin Kaa’e Guuteera**

KOREE QORMAATAA

Qoraa	<u>Xilahuun Taliika (Dr.)</u>	Mallattoo	<u>[Signature]</u>	Guyyaa	<u>10/09/2015</u>
Qoraa	<u>Desalegn Desalegn</u>	Mallattoo	<u>[Signature]</u>	Guyyaa	<u>10/09/15</u>
Gorsaa	<u>Mulugeeta Nagasaa (Dr.)</u>	Mallattoo	<u>[Signature]</u>	Guyyaa	<u>10/09/15</u>

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Duraa Booddee

Axeereraa

Qorannoon kun Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Raareetti, “Xiinxala Sirna Araara Waaqayyoo Baasuu” irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoon qorannoo kanaa araara Waaqayyoo baasuun maal akka ta’e hubachuuf xiinxala gaggeessuu yoo ta’u, sababiin qorannoon kun akka gaggeeffamu ta’es aanaa kana keessatti araara Waaqayyoo baasuun hafaa waan dhufeefi. Dhimma kana hubachuufis ragaaleen yookiin odeeffannoon afgaaffiifi daawwannaatiin walitti qabamaniiru. Odeeffannoon walitti qabamanis namoota naannoo waa’ee duudhaa Oromoo sirriitti beekan, baay’inni isaanii kudha lama kan ta’an irrati. Ragaaleen kun walitti qindaa’uun erga ibsamanii booda argannoowwan mul’atan keessaa araara Waaqayyoo baasuu dhiisuun namoota uumaa waliin kan walitti buusu ta’ee argamuun isaa mul’ateera. Akkasumas namoonni jireenya isaanii keessatti safuu eeguu yoo dhiisan, cubbuu yoo hojjetaniifi hawaasa keessatti wanta fudhatama hin qabne yoo ra awwatan walitti dhufeenyi uumaafi uumama gidduu jiru laafuu akka danda’utti fudhatamuun isaa mul’ateera. Kanaafuu, duudhaan araara Waaqayyoo baasuu bal’inaan qoratamee uummanni Oromoo naannoo kanaa sirnaan akka itti gargaaramuu danda’u gadi fageenyaan xiinxalameera.

Galata

Duraaan dursee waraqaa qorannoo kana seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi ogummaa isaaniin na deeggaraa na gorsaa hanga dhumatti kan na waliin dhama'aa turan gorsaa koo Dr. Mulugeetaa Nagaasaa baay'een galateeffadha. Itti aansuudhaan qorannoon kun akka milkaa'uuf odeeffannoofi ragaalee adda addaa kan naaf kennan manguddootaafi bulchiinsa aanaa Jimmaa Raareetiif galanni koo baay'eedha.

Yeroo ani dhiphina keessa turetti barumsa akkan addaan hin kunneef haamiileee naa kennuufii maallaqaan na gargaaruudhaan kan jajjabina naaf late obboleessa koo Likkiisaa Kurmaanaa hedduun galateeffadha. Akkasumas haadha warraa koo Masarat Jaalataa yeroo ani qe'ee hin jirretti ijoolleekoo abbaafi haadha ta'uun kan kunuunsaa turte atillee galatoomin jedha. Dhumarratti waraqaa qorannoo kana haala gaariin kan naaf barreessite Firehiwoot Dabalee atis ogummaa keerratti ogummaa siif haa dabaluu; eebbifami.

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axeereraa	i
Galata	ii
Hiika Jechootaa	viii
Boqonnaa Tokko: Seensa	1
1.1 Ibsa Naannoo Qorannichaafi Haala Jireenya uummataa	2
1.2 Ka'umsa Qorannichaa	5
1.3 Kaayyoo Qorannoo	6
1.3.1 Kaayyoo Gooroo	6
1.3.2 Kaayyoo Gooree	6
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa	7
1.5 Hanqina Qorannichaa	7
1.6 Daangaa Qorannichaa	7
1.7 Qindaa'ina Qorannichaa	8
Boqonnaa Lama: Sakatta'insa Barruu	9
2.1 Yaaxina Fookloorii	9
2.2 Hiikaa Fookloorii	9
2.3 Ilaalcha Dogoggoraa Fookloorii Irratti Mul'atan	14
2.3.1 Fooklooriin Jecha Afaaniitiin Dhalootaa Dhalootatti Kandaddarbu Godhanii Ilaaluu	14
2.3.2 Fookloorii Qabeenya Nama Muraasaa Qofa Godhanii Ilaaluu	15
2.3.3 Fooklooriin Kantureefi Yeroo Ammaa Kan Hinjirre Godhanii Ilaaluu	16
2.3.4 Fookloorii Qaama Qorannoo Gara Biroo Godhanii Fudhachuu	16
2.3.5 Fooklooriin Kan Daddarbu Karaa Al-Idilee Qofa Godhanii Yaaduu	16
2.3.6 Fookloorii Aadaa Beekamaa(popular culture) Yookiin Aadaa Ifa Bahanii Mul'atan Waliin Walfakkeessanii Fudhachuu	17
2.4 Gosoota Fookloorii	18
2.4.1 Afoola	18
2.4.2 Aartii Sochii Qaamaa	18

2.4.3 Meeshaa Aadaa.....	18
2.4.4 Barsiifata Hawaasaa	18
2.5 Tajaajila Fookloorii.....	22
2.6 Xiinxala Barruu Walfakkii	23
Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo.....	25
3.1 Sababa Bakki Qorannoo Kun Itti Filatame	25
3.2 Iddatteessuu.....	25
3.3 Mala Ragaan Ittiin Funaaname	26
3.3.1 Afgaaffii	26
3.3.2 Daawwannaa	26
3.4 Ragaalee Qaaccessuu	27
Boqonnaa Afur: Ragaalee Xiinxaluufi Qacceessuu.....	27
4.1 Bakakkaa Bu'uuf Araara Kadhachuu	29
4.1.1 Bakakkaan Jalqaba Gaafa Bu'u Wanta Godhamu.....	29
4.1.2 Bakakkaan Dhimma Bu'uuf Qaba.....	31
4.1.3 Bakakkaan Yoomiifi Eessatti Bu'a?.....	32
4.1.4 Namni Araara Waaqayyoo Baafatu Mallattoo Ittiin Beekamu Qaba.....	32
4.1.5 Uffata Alla Damaam /Waaqa Bakakkaa Buusu/	32
4.1.6 Adeemsa Kadhannaa Araara Waaqayyoo	33
4.1.6.1 Qophii Duraa.....	33
4.1.6.2 Yeroo Raawwii	33
4.1.6.3 Raawwii Booda(Ulumaa Ciisuu).....	41
4.1.7 Namni Araara Waaqayyoo Laattate Waan Lagachuu Qabu.....	42
4.1.8 Ilaalcha Oromoon Muka Bakakkaan Rukuteef Qabu.....	42
4.1.9 Tuma Guultonni Nama Araara Baafateef Tuman	43
4.1.10 Sagada Allaaf Wanta Galu	44
4.1.11 Meeshaalee Allaaf Barbaachisan.....	44
4.2 Ayyaana Abbaa /Nabii Horiqa/ Kadhachuu.....	45
4.2.1 Ayyaanni Abbaa Maali?.....	45

4.2.2 Yoomessa Ayyaana Abbaa.....	45
4.2.2.1 Yeroo Ayyaanni Abbaa Itti Laatamu.....	45
4.2.2.2 Bakka Ayyaanni Abbaa Itti Laatamu	46
4.2.3 Ayyaanni Abbaa Maaliif Kadhatama?	46
4.2.4 Eenyutu Ayyaana Abbaa Kadhata?	46
4.2.5 Irreessa Dhibaayyuufi Daddarbaa	47
4.2.6 Meeshaalee Ayyaana Abbaafi Uffataa Isaa.....	47
4.2.6.1 Meeshaalee Ayyaana Abbaa.....	48
4.2.6.2 Uffata Ayyaana Abbaa.....	48
4.2.7 Adeemsa Ayyaanni Abbaa Itti Kennamu	48
4.2.7.1 Qophii Duraa.....	48
4.2.7.2 Yeroo Raawwii	48
4.2.7.3 Shanan Ba'u (Ulumaa Ciisuu)	53
4.2.8 Faaruu Ayyaana Abbaa	54
4.3 Warajoo Hidhuun Waaqa Kadhachu.....	56
4.3.1 Hiika Warajoo	56
4.3.2 Warajoon Maaliif Hidhama.....	56
4.3.3 Kabaja Yeroo Ayyaana Ateetee /Sirna Warajoo Hidhuu.....	56
4.3.4 Adeemsa Kabaja Ateetee.....	57
4.3.5 Faaruu Ateetee.....	58
4.4 Yeroo Hongeen Bu'u Waaqa Kadhachuu.....	59
4.4.1 Hongeen Maali? Maaliifis Bu'a?	59
4.4.2 Eeyutu Kadhata? Maalqabataniitu Kadhatu?	59
4.4.3 Dhangaa Dhimma Kanaaf Qophaa'an.....	61
Boqonnaa Shan:Cuunfaafi Yaboo.....	62
5.1 Cuunfaa	63
5.2 Yaboo.....	64
Wabii	65
Dabalee A	66

Dabalee B.....	67
Dabalee C.....	68

Kaartaa fi Suraawwan

Kartaa Aanaa Jimmaa Raaree.....	5
Suura I: Yeroo Irreessa Qabatani Faarfachaa Manatti Deebi'an Mul'isu.....	34
Suura II: Yeroo Gannii Horiitti Facaasan Mul'isu	50
Suura III: Maatiin obbo Abdataa Ayyaana Abbaa Isaanii Araara yoo kadhatan	55
Suura IV: Namoota Hongee Bu'uuf Waaqa Araara yoo Kadhatan	60

Hiika Jechootaa

- Alla Damaam – Waaqa bakakkaa buusu
- Bal’aa – Gundoo gurroo sagalii sagadaaf oolu
- Bidiruu – Muka battee fiixee lamaniin dhiignii fi ciincaan foonii irra taa’u
- Biifuu – Dhibaayyuu afaanii facaasuu
- Bodii-Sogidda Oromoo
- Buttoo-Gajamoo sibiila irraa hojjetamu kan ciraa ittiin ciran
- Cacabii – Meeshaa sagadaa Alla Dammamiif oolu kan sibiila irraa hojjetame.
- Ceferee – Manguddoo dubartii
- Dannaboo –Cooka sirbaa
- Faafama – Ogeessa tumtuu
- Fitaataa – Dhiifama
- Gashaa – Kennaa ayyaana abbaaf galu.
- Haanfuu – Gorra’uu (horii morma kutuu)
- Isaa бага – Ulfina waaqaa agarsiisu mul’isa
- Kumala-Kuula wayyaa
- Maaddii – Gabatee nyaataa
- Maanqoo – Meeshaa Ayyaana abbaa farsoon itti naqamu
- Mata qaboo – Eegoo, kan itti aanu
- Meedhicha – Gogaa qeensa horii waliin harkatti kaa’amu. Mallattoo aangoo
- Muchoo – Eegee jabanaa
- Nabii horiiqaa –Ayyaana abbaa
- Qirixii-Meeshaa sibiila irraa hojjetamu kan harqota ittiin uran
- Qiyyii-Meeshaa sibiila irraa hojjetamu kan muka ittiin falaxan
- Qumbii – Waan akka ixaanaa urgaa’u ayyaana abbaaf kan oolu
- Sobbooqu – Lama yookiin cimdii ta’uu

Boqonnaa Tokko: Seensa

Uummanni naannoo tokkoo haala jiruufi jireenya isaa keessatti duudhaa mataasaa akka hordofu nihubatama. Duudhaalee hordofaman keessaa Araara Waaqayyoo baasuun isa tokko. Akka ilaalcha waaqeffattoota Oromoo naannoo Aanaa Jimmaa Raareetti namoonni duudhaa isaanii sirnaan yoo hordofuu baatan uumaa waliin walitti bu'insi yookiin waldhabbiin uumamu danda'a. Waldhabbiin kun immoo jireenyi namaa akka jeeqamu taasisa jedhameet amanama. Kanaafis, namoonni hoodaafi raajii deemmachuun Waaqa uumaa isaanii araara ni kadhatu. Kunis yeroofi haalota adda addaa irratti hundaa'uu danda'a. Fakkeenyaaf, yeroo bakakkaan bu'u, camsaan hammaatu, horiin namaa buluu diddu, yeroo dhalli namaa buluu diduufi kan kana fakkaatan keessatti Waaqa araara gaafachuun naannoo kanatti beekamaadha. Qorannoon gaggeeffamu kunis xiinxala sirna Araara Waaqayyoo baasuurratti kan xiyyeeffatudha.

Qorannoo kana keessatti mata-dureen Xiinxala Sirna Araara Waaqayyoo Baasuu jedhamu sababa filatameef qaba. Kunis naannoo kanatti duudhaaleen Oromoo durii kan walitti dhufeenya namootaa cimsaniifi tokkummaa Oromoo cimsan akkasumas aadaa Oromoo keessatti kadhannaan araara waaqayyoof taasifamu laafaa waan dhufeefi. Sabni tokko immoo aadaasaa gataafi irraanfachaa yoo deeme eenyummaan isaa dhokatee saba biraa jalatti maxxannee ta'ee akka jiraatu taasisa. Kana malees abbaan biyyuummaa isaa illee yeroo dheeraa booda irraa mulqamuu danda'a. Kanaafuu akka jaarsoliin biyyaa jedhanitti, "Dudhaalee akaakillee keenyaa kan jaarraa hedduu qaxxaamuree dhufe sirriitti ijaarree dhaloota haaraa dhaalchisuu qabna" jedhu. Yoo kuni ta'e waldhabbiin gama karaa duudhaatiin dhufu hafuu danda'a. Waldhabbiin yookiin balaan karaa uumamaa akka namatti hindhufneef hawaasni naannoo kanaa duudhaa hordofu qaba. Duudhaaleen kunis waaqa beekanii abboommiisaa jalatti buluu, waaqa uumaa galateeffachuu, safuu eeguufi cubbuurraa ofqusachuu fa'i. Xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi dhibaawummaa irraa kan ka'e namoonni gochaa armaanolii hordofuudhiisuun uumaawaliin walitti bu'u. Kanaafuu namoonni akkasii oolanii otoo hinbuliin waaqa araarfachuu akka qaban manguddoonni gorsa nikennu Dhimma kana waliin walqabsiisuun waa'ee Aanaa Jimmaa

Raaree hubannoo waliigalaa qabaachuun barbaachisaadha. Kunis akka itti aanutti kan mul'atu ta'a.

1.1 Ibsa Naannoo Qorannichaafi Haala Jireenya uummataa

Argama Aanaa Jimmaa-Raaree - Aanaan Jimmaa Raaree Wallagga Bahaatti Godina Horroo Guduruu keessaa tokko yoo taatu, gidduu-galeessa biyyaa Finfinnee irraa gara dhihaatti kiilomeetira dhibba lamaafi afurtamii shan (245km), magaalaa godinaa Shaambuu irraa gara bahaatti kiiloo meetira sagaltamii jaha (96 km) fagaattee kan argamtudha.

Aanaan kun kallattii arfaniinuu aanolee gara garaatiin daangeffamtee kan argamtudha. Kunis karaa bahaa Aanaa Midaa Qanyii (Showaa Dhihaa), karaa kibbaan aanaa Calliyaa (Showaa dhihaa), Lixaan aanaa Baakkoo Tibbee (Showaa dhihaa) fi Aanaa Jimmaa Gannatii fi Kaabaan Aanaa Guduruudhaan kan daangeffamtu taatee daangaa Showaa dhihaatiin balinaan kan wal qabattuudha. Aanaan Jimmaa Raaree gandoota baadiyaa kudha saddet (18) fi gandoota magaalaa lama qabdi. Isaanisi: Ibsaa Illaammuu, Keekkuu fi Qaalloo, Misooma Dhangaggoo, Haroo Guutaa, Sochoosaa Gammachiisaa, Kaarraa Kontee, Leencaa Gurraachaa, Tattafataa Tulluu Maraa, Ifa Biyyaa, Hundee Jireenya Babal'aa, Guddataa Doobbii, Baddaa Warqee, Gammadaa, Jaarraafi Shuumboo, Burqaafi Loggee, Kaloo Gurraachaa, Biqilaa Eerer, Dilee Kolbaa, Magaalaa Waayyuu fi Magaalaa Goban yoo ta'an, walumaa galatti baay'inni uummata aanaa kanaa akka ragaan odeeffannoo lakkoofsa baay'ina uummataa bara 1999 ibsutti dhiirri = 26,376, dhalaan 27,116 waliigalatti 53,492 qabatee argamti (Waajira Bulchiinsa Aanaa Jimmaa Raaree).

Dhaabbiilee tajaajila hawaasummaa bu'uura ta'an mana barumsaafi mana yaalaa hanga human isheetti qabdi. Kunisi mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa 27, sadarkaa 2ffaa sadii (3) fi qophaa'ina tokko; buufata fayyaa 4, fi kellaa fayyaa 23 qabdi (Waajira Barnootaafi Waajira Fayyaa Aanaa Jimmaa Raaree).

Halli teessuma lafa ishee baddaafi badda daree yoo ta'uu oomisha Callaatiif baay'ee filatamtuudha. Oomishi midhaanii naannoo kanatti bal'inaan argaman Garbuu, Baaqelaa, Atara, Goommana, Qamadii, Xaafii, Boqqoolloo, Nuugii, Talbaa, Mata jaboo fa'i.

Bosonni bal'inaan kan hin jirree yoo ta'e ille mukkeen xixiqqoofi jajjaboon darbanii darbanii ni argamu. Isaanis kanneen akka Gaattiraa, Ejersa, Birbirsaa, Somboo, Laaftoo, Bakkannisa, Waleensuu, Qumbaala, Imalaa, Hoomii, Abbayyii, Hagamsa, Daggalaafi kan kana fakkaat fa'i. Sababa manca'insa bosonaatiin walqabateen bineensonni muraasni kanneen akka qamalee, weennii, kuruphee, bosonuu, jaldeessa, booyyee, waraabessa, borofaafi kan kana fakkaatan darbanii darbanii ni argamu (Waajira Qonnaa Aanaa Jimmaa Raaree).


Aanaa kana keessatti afaaniif amantaa adda addaatu jira. Afaan ilaalchisee bal'inaan kan dubbatamu Afaan Oromoo yoo ta'u naannoo magaalaafi baadiyyaasaatti darbee darbee Afaan Amaaraas ni dubbatama. Amantii ilaalchisee Waaqeffataa, Kiristaanaafi Musiliimni yoo jiraate illee haalli faca'insa isaanii kan wal hin fakkaanneedha. Kana jechuun yeroo ammaa kana uummanni harka caalaa amanitii kiristaanaa kan hordofuu ta'uusaa hubanna (Waajira Aadaafi Tuuriiziimii Aanaa Jimmaa Raaree). Akka Obbo Sanbataa Hundee jedhanitti lakkofsi waaqeffataa sababa amantaa haraa fudhachuuraan kan ka'e xinnaachaa jira jedhu. Kun immoo aadaa Oromoo naannoo kanaarratti dhiibbaa gochaa jira.

Oromoon naannoo kanaa Jila hordofu qaba. Akka Aanaa Jimmaa Raareetti jilli beekamaa kan ganda Gammachiisaa keessatti bakka "Qontor" jedhamutti argamudha. Kunis 'Masqala Maaram Mandaa' jedhamee kan beekamudha. Kabajni ayyaana kanaa akka waliigalaatti waggaa waggaan ta'ee ji'a Fulbaanaa keessa kan kabajamudha. Sirni kun kan gaggeeffamu uummanni naannoo dukkana keessaa booqaa birraatti nagaan ce'uusaaniif Waaqa galateeffachuu agarsiisa. Kanamalees, bakka kanatti wanti raawwatamu hedduudha. Kanneen akka dhuuga (dhadhaa mataasaa) gashuu, midhaan ga'e mataasaa gashuufi ijoollee reefu dhalattu yeroo ji'a tokko fixxu geessanii ammachiisufa'i. Gochaaleen kunis kan raawwatamaniif Maaram Mandaa kan namarratti moote jirtu horiin akka namaa hortuuf, callaan midhaanii baarakaa akka argatuuf, dhalli akka namaaf guddattuuf eebba akka gootuuf jecha kan raawwatamudha. Amantiin akkasii kun durii kaasee kan jiru ta'ullee yeroo ammaa sababa kiristaanummaan babal'ateef laafaa jiraachuusaa hubanna. Hidda latinsa Oromoo naannoo kanaa-Uummanni Oromoo aanaa kana keessa jiran hiddi latinsa isaanii Macca ta'ee ilmaan Jaawwii keessaa isa

tokko. Kunis Jimma kan jedhamu yoo ta'u maqaan Aanaa Jimmaa Raareellee moggaasa kan argatte maqaa gosa Oromoo naannoo kana qubatee jiruun ta'uusaa manguddoonni naannoofi Biiron Aadaafi Tuurizimii aanaa kanaa nimirkaneessu. Akkasumas, Sanbatoofi kawaan (2004;200) wa'ee hidda latinsa Oromoo akkanatti ibsu.' Ilmaan Jaawwii keessaa Jimmi isa tokko. Haaluma kanaan ilmaan Jaawwii-Guduru, Horro, Amur, Jimma, Gudayyaa, Limmufi Ebaantuutti qoodamu' jedhan. Walumaagalatti, yaada hayyoota kanaafi manguddoota naannoo walitti qabnee yoo ilaalle Oromoon aanaa kana keessa buufatanii jiran bu'uurri isaanii Macca ta'uusaanii hubanna.

Haala jiruufi jireenya hawaasa kanaa kallattii adda addaatiin ilaaluun qaroominaafi sadarkaa guddina isaanii hubachuun nidanda'ama. Uummanni naannoo kanaa hojii addaa addaarratti bobba'ee kan jiraatudha. Kunis hojii daldalaa, hojii qonnaafi hojii ogummaa adda addaa kanneen akka wayyaa dhahuu, wayyaa hodhuu, suphee dhahuu, sibila tumuu, muka shookkisuu fi hojii mootummaa hojjechuurratti kan xiyyeeffatudha.

Keessumattuu,haalli jiruufi jireenyi uummata naannoo kanaa harki caalaan isaa hojii qonnaa irratti kan hundaa'dha. Kunis midhaan oomishuu, horii horsiisuufi misooma jallisii kan dhuunfatu. Misooma jallisii ilaalchisee hojiiwwan laga Dhangaggoo ganda Misooma Ddhangaggoo,Haroo Guutaa, Keekkuufi Qaalloo keessatti argamaniifii kan laga Erer irratti misoomaa jiru ragaa ta'a. Laggeen kana lamaanirratti kanneen oomishamaa jiran biqiltuuwwan garaagaraa kanneen akka ejersa,gaattiraa,baargamoo, geeshoofi mukeen biyya alaa tokko tokko, boqqolloo, dinnicha, qullubbii, hundee diimaa, kaarootiifi kan kana fakkaatan hubachuun ni danda'ama. Hojii jallisiitiin alattis lagdi Dhangaggoo baabura midhaan daaku sochoosuudhaanis hawaasicha kan tajaajiludha(Waajira Qonnaa Aanaa Jimmaa Raaree -afgaaffiin kan argame).



Madda: Waajira Daandii Baadiyaa Aanaa Jimmaa Raaree Irraa Kan Fudhatame

Kaartaa kana irraa waan baay'ee hubachuu dandeenya. Kunis, Aanaan Jimmaa Raaree Godina Horroo Guduruu keessatti eessatti akka argamtu nama hubachiisa. Akkasumas aanaaleen kallattii adda addaan ishii daangessan eenyufaa akka ta'e kan nama beeksisuufi gandoolee aanaa kana jala jiran iddoo tokkotti qabatee kan nama agarsiisu ta'uusaati.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Sabni Oromoo beekkumsa ogummaa beekumsan qo'atamuu danda'u, ogummaa fookilooriin qo'atamuu danda'u kan mataasaa danda'e qaba. Kana keessaa Araara Waaqayyoo baasuun isa tokko. Akka aadaa Oromootti Araara Waaqayyoo baasuun dhabuun jireenya hawaasaa keessatti rakkoo uumuu danda'a. Dhimmi kun immoo

yeroodheeraadhaaf barreeffamaan ol kaa'amee hin jiru. Akkasumas walitti dhufeenyi uumaafi uumama gidduu jiru yoo laafe waldhabbiin ni uumama jedhamee waan yaadamuuf xinsammuu namootaa jijjiiruufi. Kanaaf waaqa uumaa karaalee addaa adda araara gaafachuun jireenya boruuf waan toluuf dhaloonni ammaa immoo hubannoo akka argataniifi qorannoo adeemsisuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Aanaa Jimmaa Raaree keessatti Araara Waaqayyoo baasuun maal akka ta'eefii maaliif akka barbaachisu qorannoon gaggeeffame hin jiru. Yaada kana irratti hundaa'uun qorannoon godhamu kun gaaffiilee bu'uura armaan gadiif deebii kan kennuu ta'a. Gaaffiileen kunis:

- Araara Waaqayyoo baasuun maal inni?
- Araara Waaqayyoo baasuu keessatti dhimmoonni hammataman maalfadha?
- Dhimmoonni araari Waaqayyoo kadhatamu yoomii fi eessatti gaggeeffama?
- Adeemsi araara Waaqayyoo baasuu maal fakkaata?
- Araari Waaqayyoo yoo godhamuu baate rakkoon uumamu maalinni?

1.3 Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa bifa lamaan ilaalam. Kunis kaayyoo gooroofi kayyoo gooreeti.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa xiinxala sirna Araara Waaqayyoo baasuu Aanaa Jimmaa Raareerratti kan xiyyeeffate hubachuudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoowwan gooree armaan gadii ni haammata.

- Araari Waaqayyoo maal akka ta'e ibsuu.
- Adeemsa araara Waaqayyoo ifa gochuu.
- Dhimmoota araari Waaqayyoo godhamuuf tokko tokkoon addeessuu
- Araara Waaqayyoo baasuun maaliif akka barbaachise ibsuu
- Meeshaawwan Araara Waaqayyoo baasuu keessatti tajaajilan addeessuu

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon gaggeeffame kun fayidaalee armaan gadii qaba.

- * Barsiifanni Oromoo aanaa Jimmaa Raaree akka hin banneef galmeessanii kaa'uuf tumsa godha.
- * Dhaloota haaraa dhimma kana hinbeekne hubannoo qabsiisuuf oola.
- * Qorannoon kun namoota qorannoo kana fakkaatu gaggeessaniif madda odeeffannoo ta'uu danda'uusati.
- * Barsiisota Afaan Oromoo, waa'ee aadaa barsiisaniif wabii ta'uu danda'a.

Qorannoon kun otoo adeemsifamuu baatee waa'een barsiifata Oromoo naannoo kanaa irra caalaatti badaa yookiin manca'aa kan deemu ta'a. Qoratamuusaatiin immoo eenyummaan hawaasichaa bal'inaan kan hubatamuufi namoonni kan irraa fayyadaman ta'uusaati.

1.5 Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti rakkooleen qarataa muudatan kanneen armaan gadiiti

- Yeeroo gahaafi qarshii barbaachisaa ta'e dhabuu.
- Qaaccessa qorannoo kanaatiif kitaabileen wabii akka garaatti dhabamuu.
- Teesumni qorataafi gorsaa walirraa fagaachuu irraan kan ka'e yeroo yerootti gorsa walirraa hincinne dhabuufa'i.

Rakkoolee eeraman kana hiikuuf kan qorataan akka tooftaatti gargaarame yeroo hojii idileen alaafi darbeedarbee eeyyama mana barumsaarraa fudhachuu, baasii humnaa olta'eef liqeeffachuun, kitaabolee wabiif ta'an namoota iyyaafachuun ergifachuufi fageenya jedhameef gorsaa waliin walarguuf hamma danda'ametti qaamaan,sanii achi immoo bilbilaan walquunnamuun danda'amera.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan gaggeeffame Wallaga Bahaatti Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Raareetti yoo ta'u, mata dureen qorannoos Xiinxala Sirna Araara Waaqayyoo

an xiyyeeffatedha. Odeeffannoon qorannoo kana qaaccessuuf funaaname
yyii dhimma kana sirriitti beekan kan aanaa kana qofa keessatti argaman
ndaa'edha. Odeeffannoon funaaname af-gaaffii, daawwannaafi suura

'ina Qorannichaa

qorannoo kanaa boqonnaa shanitti kan qoqqoodamee mul'atudha yookiin
boqonnaan inni duraa yaada walii gala qo'rannichaa kan ibsu seensa ta'ee
rannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa
anqina qorannichaa gaaffiilee qoranichaafi daangaa qoranichaa kan
Boqonnaan lammaffaa immoo sakatta'a og-barruu kan qabate yoo ta'u
lee waa'ee fookiloorii, waldhabbii hiikuuf ga'ee fookiloorii irratti kan
dee yookiin bu'uura ta'ee qorannoo gaggeeffamu utubee kandhaabudha.
affaa mala qorannoon ittiin adeemsifame kan ifa baasudha. Kunis mala
aan ibsamu ta,ee mala kaayyoo irratti hundaa'uufi mala odeeffannoo
wwannaatiin funaanamurratti kan xiyyeeffatudha. Boqonnaan inni
lee waliin makuun qaaccessa isaa lafa kaa'uu yoo ta'u, boqonnaan
o yaada cuunfaa, gudunfaafi waan ta'uu malu kan ibsa godhudha.

Boqonnaa Lama: Sakatta'insa Barruu

Sakatta'insi og-barruu kun waa'ee fookloorii ilaalchisee hayyoonni adda addaa ilaalcha akkamii akka qaban xiinxalanii ilaaluuf kan nama gargaarudha. Haaluma kanaan beektonni adda addaa yaada mataa isaanii ilaalcha fookloorii irratti qaban lafa kaa'aniiru. Ilaalchi isaanii kun baay'een isaa kan walfakkaatudha. Yaada hiddama fookilooriifi yaada hayyootaa kana irratti hundaa'uun qorannoon kun qaaceffameera.

2.1 Yaaxina Fookloorii

Yaaxina fookloorii keessaa qorannoon kun yaadota lama bu'uura kan godhatedha. Isaanis; Yaaxina hiika fakkoommiifi yaaxina tajaajilaati. Yaaxinooleen kun dhimmoota maalii ofkeessatti akka qaban tokko tokkoo isaanii asiigaditti kan mul'atan ta'a.

Yaanni yaaxinaa hiika fakkoommii wantoota qabatamaa ta'an waan xinnoo irraa kaasee hanga guddaatti jiru kan ilaalamuufi qaqqabatamu kan of keessatti qabatudha. Kunis meeshaa adda addaa hanga lafa bal'aafi lubbuu qabeeyyii kan hammatudha. Akkasumas qabatamaa kan hin taane halluwwan adda addaafi kadhannaa of keessatti kan hammatedha.

Yaadni yaaxina tajaajilaa kan jennu immoo fooklooriin hawaasa keessatti tajaajila akkamii akka kennu adda baasee kan ibsu dha. Fakkeenyaaf tajaajila miliqsuu, tajaajila barsiisuu, tajaajila cimsuufi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a. Kanatti aansuun immoo waa'ee fookloorii ilaalchisee yaada hayyoonni kaa'an ni ilaalla.

2.2 Hiikaa Fookloorii

Maalummaa fookloorii ilaalchisee hayyoonni adda addaa yeroo adda addaafi bakka garaa garaatti hiika mataa isaanii kenanniiru. Hiikawwan kennaman kanas tokko tokkoon kaasanii ilaaluun barbaachisaadha.

Hiikaa fookloorii ሰለሞን [Salamon](2007:11) akkanatti ibsa

ፎክሎር የሚለው ቃል 'ፎክ' (folk) እና 'ሎር' (lore) ከሚሉ ሁለት የእንግሊዝኛ ቃላት ጥምርታ የተገኘ ነው። ፎክ ህዝብ፣ ማህበረሰብ፣ ቡድን ወይም ክፍል ማለት ሲሆን 'ሎር' ደግሞ ህዝቦች በጋራ የሚጠቀሙዋቸው የጋራ እውቀቶች፣ ጥበቦች፣ መረጃዎች ውጤቶችና እነዚህ የህዝብ እውቀቶች የሚቀርቡበትን ቅርጽ የሚገልፅ ማለት ነው። የእነዚህን ቃላት ትርጓሜ ስናቀናጅ ፎክሎር ህዝቦች፣ ማህበረሰቦች፣ ወይም ቡድኖች የፈጠሯቸው እውቀቶችን፣ ጥበቦችን፣ መረጃዎችንና ውጤቶችን የሚገልፅ ቃል እንደሆነ እንረዳለን።

Yaada waraabbii armaan olii irraa akka hubatamutti jechi fookloorii jeedhu jechoota afaan Ingilizii 'folk' fi 'lore' jedhamu irraa kan waliin qindaa'ee ilaalamuu ta'uusaati. Kunis 'folk' kan jedhamu uummata, hawaasa, garee yookiin kutaa jechuu yoo ta'u, 'lore' kan jedhamu immoo uumanni qixxeetti waliin kan fayyadamuu beekumsaa waliigalaa kan waliinii, ogummaawwaan, odeeffannoowwan, bu'aawwaaniifii beekumsii ummataa mallattoo ittiin ibsamuu jechuudha. Hiika jechoota kanaa yommuu waliin mijeessinuu fookloorii ummataa, hawaasaan yookiin gareen urname bekumsa, ogummaa, odeffaannoofi bu'aawwan jecha ibsu ta'u isa kan nama hubachisuudha yaada jedhu of kessatti kan qabatedha.

Salamoon (2007:12) waa'ee fooklooriitiif hubannoo akka argannuuf yaadota hayyoota armaan gadii wabeeffachuun ilaaluun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Kunis: "Fooklooriin dhalli namaa jireenya isaa keessatti dhimma isa barbaachisu yoo ta'u, qo'annoon fookloorii immoo bu'uura namummaa keenyaa beekuuf kan yaaludha. Jiraachuun keenya fooklooriin akka qo'atamuuf gargaareera." (Wiliyaam Wiilson,1988:158)

"Fooklooriin duudhaa durii yoota'u ifaafi dhaabbataa kan hintaane qaama aadaati. Fookilooriin dimshaashaan kan inni qabate beekumsa hundumaa, ilaalchota, yaadota, miirawwaniifi mallattoo duudhaa dur ture jecha afaaniin yookiin fakkeenya aadaa duriin kan daddarbudha." (Hooroldis Birubaard, 1978:50)

"Fooklooriin garee muraasa keessatti ogummaa waliin dubbiiti.(artistic communication) Kana jechuun fookilooriin fayidaa garee ibsuuf midhagina kan qabudha(Ben-Amos,1971:13).

“Fooklooriin waa’ee ogummaa, waa’ee namootaa, daandii namoonni itti baratan, akkasumas eenyummaa ofii keenyaa akka beeknuufii waa’ee addunyaa naannoo keenya jiruuf hiika kennuu kan nudandeessisudha.” (Sims and stephens, 2005:2)

Walumaagalatti, yaadoleen armaan olii kun kan nama hubachiisu hayyooleen adda addaa fooklooriin maal akka ta’e ifa gochuu isaaniiti.

Karl knorth(1996;72) hiika fooklooriin qabu bifa aarmaan gadiitti hiikee jira. *’Folklore is the spoken or sung literature of the common man, which contains his philosophy, religion and poetry and which answers the many questions of daily life in away that conforms to his knowledge. Thus folklore is the quientessence of the ideas of a whole people.’*

Yaanni hayyuu kanaa kan ibsu fooklooriin ogbarruu afaanii kan garee namootaa ta’ee falasama ,amantaa,walaloo afaaniifi kan haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti deebii laatu beekumsa waliigalaati. Kanaafuu,fooklooriin yaada namoota hundumaa ofkeessatti hudumee kan qabatu ta’uusaa nama hubachiisa.

Umar (2004) Fekade Azeze (1991:10) wabeefachuun yoo ibsu ‘fookloorii’ jechi jedhu namoonni afaanitti fayyadamanii jiruu isaanii keessatti kan itti tajaajilamanni dha. Karaa biraatiin, waa’ee barnootaa qorannoo, ogummaafi dhimma ogummaa qoratamuu jedhamees ni waamama. Hiikaan fookloorii gosoota isaa waliin waan walitti hidhatuuf gosoota isaa waliin ilaaluun barbaachisaadha jedha.

Akka toora interneettii www.press.uchicago.edu/ucp/book/bo... ibsametti fooklooriin damee qorannoo bal’aa karaa itti uummanni jireenya isaa keessatti hiika laatudha. Akkasumas akka fooklooristiin Alan Dundes ibsetti jecha fookloorii jedhuu keessaa ‘folk’ isa jedhu garee nama lamaafi isaa ol yoo xinnaate waan tokko kan qixxeetti qooddatani jedha. Fakeenyaaf amantaa garee waliinii waan walfakkaatutti amanuu, hojii walfakkaataa naannoo tokkotti qabaachuu, naannoo tokkoo keessa waliin jiraachuun eenyummaa kan ibsudha. Wantoota kanaafi dabalataan kanneen akka raagoo, aafseenaa, durdurii, qoosaa, jechama, hiphoo, arrabsoo, arraba baasuu, naggaa walgaafachuufi naggaa walitti dhaamuu qabata. Akkasumas duudhaa, sochii qaamaa, diraamaa, ogummaa, amantaa meeshaalee muuziqaa waliin qabaachuu fa’i.

Akka Braunad (1979:426) ibsetti, fooklooriin wiirtuu walitti dhufeenyaa, daawitii aadaafi sansaakkaa eenyummaati. Akkasumas deebii nama dhuunfaa fedhii irratti hundaa'e kan deebisuufi ogummaa caasaa fi miidhagina mataa isaa kan qabdudha.

Tiqiabo Gebreselassie (2009:12) Fekade (1991:2-3) wabeeffachuun waa'ee fookloorii akkanatti ibsa:-

There has never been one common definition of folklore throughout the history of the field. Hence, different scholars dealing with the field and related areas attempted to define it based on their own perspectives. Never the less, the definitions focus on the list of areas that could be put under the umbrella of folklore. This is because at the initial stage of the attempt to define the field there was a controversy of having one common name of the field. As a result, the field has been called by different names given by different individuals.

Yaanni kun kan ibsu seenaa qo'annoo fookloorii keessatti hiikaan fooklooriif kenname yeroon itti tokko ta'e hin jiru. Kanaafis hayyoonni garaagaraa dirree qo'annoo kanaafi kan kana fakkaataniifi hiika itti kennuuf ilaalcha mataa isaanii irraa ka'aniitu. Kana irra ammo hiikni fookloorii kan xiyyeeffatu warreen fooklooriin akka dibaabee of jalatti hammatu dha. Sababiin kana ta'eefis sadarkaa jalqabaatti hiikaa fookloorii jecha tokkoon kaawuun namoota gidduutti mormii yookiin ilaalcha adda addaa waan kaaseefi. Waan kana ta'eef dirreen qo'annoo kun maqaa garaa garaatiin namoota garaa garaatiin ibsamaa jiraachuusaati.

Akka toora interneetii Wikipedia, the free Encyclopedia.htm: ibsutti, fooklooriin qaama aadaa kan ibsu ta'ee wantoota akka durdurii, muuziqaa ragadaa, afseenaa, jechama, qoosaa, amantaa, duudhaafi kan kana fakkaatan hawaasa murtaa'aa garee tokko kan aadaa tokko waliin qooddatan kan agarsiisudha. Akkasumas tuuta muuxannoo gooroowwan aadaa ibsudha.

Fooklooriin og-barruu jecha afaaniin dhiyaatudha (Okpewho 1992:1). Malkaamuu (2007:9) Finnegan, (1970) wabeeffachuun, fookloorii yoo ibsu, fooklooriin duudhaa uummataa kan fayidaa bal'aa fi hiikaa gadi fagoo qabu ta'uyyuu akka og-barruutti (literature) beekumsaa fi bakka argachaa hin turre. Haa ta'u malee, garuu muuxannoo jiruu fi qorannoolee erga waa'een afoolaa qo'atamuu eegalee kan hubatamu dhiibbaa ture cabsuudhaan afoolli dhalootaa dhalootatti darbaa jiraateera; har'as jira. Hundumaa

caalaatti immoo carraafi karaa guddinni barnootaa fi og-barruu baneefiin gara galmeeffamee dhaloota itti aanuuf ol kaa'aamuutti dhufeera jedha.

Akka Dundes (1969) ibsutti jechi fookloorii jedhu mataan isaa akkanatti ibsama. Kunis akaakuu dubbii garee wan soba ta'e, dhugaa kan hin taane, waan dogoggoraati. Gaalee kana yoo hubanne kuni fookloorii dha. Innis hiika raagoo waliin kan wal fakkaatudha.

Akka dorson, (1972:35) ibsetti fooklooriin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti walitti dhufeenya hawaasaafi aadaa kan cimsu keessaa isa baay'ee ijoo ta'edha. Kunis duudhaa hawaasaa, barsiifata hawaasaafi jaarriyaa hawaasaa, keessatti isa baay'ee barbaachisaa ta'e dha. Namoota barnoota hin qabne keessatti fooklooriin aadaafi seenaa utubee kan qabudha.

Hayyuun William Thoms jedhamu waa'ee jecha fookloorii akkanaatti ibsa. Kunis:

William Thom's Visualize the term folklore in 1846 to name the new discipline centered on the study of tradition and also many scholars state the oral tradition plays important roles in the life of the society it belongs to. After that, different scholars have different idea (explanation) based on the folklore because the concept of folklore is very wide. When we want to split it and define the word folklore before generous the scholars definition: 'folk' can refer to any group of people from any economies, religious, generational or ethnic back grounds who share a common interest. "Love" represents the knowledge and artistry of group in forms such as stories and jokes, art, architecture, music, dance, custom, belief, ritual.

Akka yaada armaan oliirraa hubanneetti jecha fookloorii jedhu hayyuu William Thom's qo'annoo kana moggaasuuf qo'annoo bariisfataafi akkasumas hayyoonni yeroo ibsan duudhaan jireenyaa hawaasaa tokko keessatti baay'ee kan barbaachisu ta'uusaa ibseera. Kana booda, hayyoonni gargaaraa yaada fookloorii jedhu irratti hundaa'uun ibsa adda adda qabu. Sababiin isaas jechi fookloorii jedhu baay'ee bal'aa waan ta'eefi. Jecha fookloorii jedhu gargar baasnee ilaaluu yoo barbaanne akka hayyoonni jedhanitti 'folk' wanti jedhu kan ilaallatu garee namootaa kamiyyuu jechuun sadarkaa qabeenyaa, amantaa, dhaloota ykn qomoo irratti hundaa'ee fedhii tokko kan waliin qaban ta'uu ibsa. Jechi 'lore' jedhu immoo kan bakka bu'u beekumsa waliin qabanifii ogummaa garee kan ilaallatu kan akka seenaafi qoosaa, aartii, ogummaa harkaa, muuziqaa, ragada duudhaafi amantaafaa kan ilaallatu dha.

Hayyuun Jeylan, 2005 waa'ee fookloorii yoo ibsu, fookloorii jechuun waantota akka durdurii, afseenaa, raagoo, ogummaafi sirna amantaa hawaasa tokkoo afaaniin dhaaloota dhalootatti kan dabarsu ta'uusaati jedha.

Dorson (1972) akka addeessetti fooklooriin rogaafi barsiifata ogummaa namootaa keessaa isa tokko ta'uu ibsee jira.

Dundes (1965) hiika fookloorii akkanatti ibse jira. Kunis fookloorii jechuun daawwitii aadaa mul'isuudha. Kanaafuu fooklooriin aadaa ibsuusaatiif shakkii hin qabu jedha. Akkasumas jecha fookloorii bakka lamatti hira. "Folk" fi "lore"itti hiruun yoo ilaalle namni kamiyyuu hiikasaa hubachuu danda'a jedha. Sababni isaas jechi' folk' jedhu yoo xiqqaate gareen tokko waan waliin qooddatu qabaachuusaati. Waanti gareen tokko waliin qooddatu hojii, afaan yookiin amantaa, yoo ta'u gareen sababii kaminiyyuu uumamuu barsiifata mataa isaa kan waliin qabu dha. 'Lore' kan jennu immoo waantota namoonni yookiin gareen tokko waliin qooddatan sana ta'uusaa ibseera.

2.3 Ilaalcha Dogoggoraa Fookloorii Irratti Mul'atan

Ilaalcha dogoggoraa fookloorii irratti mul'atu ilaalchisee Salamoona (2007:37-40) hayyoota adda addaa wabeeffachuun yaada jedhu qaba. Kunis :

Qo'annoon fookloorii jaarraa 19^{ffaa} jalqaba irraa kaasee dirree qo'annoo bal'inaan qo'atamaa turedha. Qo'annoon fookloorii kun yeroo jalqabaas ta'ee, amma yeroo sadarkaa guddaa irra ga'e e jiru kanattis ilaalcha adda addaatu irratti calaqqiseera. Hamma ammattis calaqqisaa jira. Haata'u malee, yaada fookloorii jedhu irratti ilaalchonni dogoggoraa beektota gidduutti yeroo dheeraaf falmii kaasaa turaniiru.

Ilaalchawwan dogoggoraa kanas dubbistoota warra mata-duree kanaaf haaraa ta'anis ta'ee ogeessota fooklooriitiif wantoota ifa ta'uu qaban haahubannu.

2.3.1 Fooklooriin Jecha Afaaniitiin Dhalootaa Dhalootatti Kandaddarbu Godhanii Ilaaluu

Fooklooriin qabeenya hawaasaa jecha afaanii fakkeenyaaf oduu durii, ogwalaloo, afseenaa, jechamaafi kan kana fakkaatan qofa kan ta'aniifi akkaataan darbinsa isaaniis

jecha afaanii qofa godhanii yaaduun yaad-rimee dogoggoraati. Mariyaa liich(1949) galmee jechootaa qopheessite keessatti waa'ee fookloorii ilaalchisee hiika garaagaraa digdamiin tokko(21)dhiyaateera. Galmee jechootaa kana keessatti hayyoota hiika fooklooriif kennan keessaa fakkeenyaaf, Joorj Fooster, Beenjaamiin, Bootikiin, Chaarles Jooter, Riichaard Wooterman, Siitiiz Toompsen kanneen fakkaatan yaada kana calaqqisiisaniiru.

Wiiliyaam Bascom (1965:25), beekaan Antiropooloojii waa'ee fooklooriifi jecha afaanii yoo hiiku "Fooklooriin hundinuu jecha afaaniitiin kan darbu. Garuu, kan jecha afaaniitiin darbu hunduu fookloorii miti" jedha.

Namichi fooklooristii Raashiyaa Pirooppi aadaa qabatamaafi duudhaawwan iddoo tokkotti walitti qabuun aadaawwan hafuuraa(spiritual cultures) kan jedhuun kan moggaase yoo ta'u, aadaawwan kunneen qo'annoo fookloorii ta'uun isaa hafee dame qo'annoo Etinoogiraafii jedhu keessatti qo'atamuu qaba yaada jedhu calaqqisiiseera. Dogoggorri yaad-rimee kanaa kan burqe sababoota lamarratti. Tokkoffaa, fooklooriin baadiyaa kan jiraatuufi qotee bulaa (peasant) kan ta'e garee hawaasaa 'kan hin qaroomne' (primitive) qabeenya hawaasaa akka ta'eetti ilaaluudha. 'Qotee bulaa'fi 'kan hin qaroomne' kutaan hawaasaa harki caalu muuxannoo barreessuu kan hin qabne ta'uusaarraa kan ka'e beekumsa jecha afaaniitiin dhalootaa dhalootatti daddabarsa yaada jedhu yaaduudhaani. Lammaffaa, fooklooriin afoola yookiin barsiifata afaanii (oral tradition) waliin tokko gochuu isaati.

2.3.2 Fookloorii Qabeenya Nama Muraasaa Qofa Godhanii Ilaaluu

Hayyoota garaa garaatiin bakka argama fookloorii jedhamee kan yaadamu kutaa hawaasaa ,baadiyaa kan jiraatan 'kan hin baranne', 'kan hin qaroomne' 'qotee bulaa' akkasumas jireenya gadi aanaa warra jiraatan jechuun akka hubatamu Dandes(1965:7-8) ibseera. Hawaasni magaalaa kan barate, kan qaroomneefi teekinoloojiidhaan jireenya gaarii kan jiraatu waan ta'eef fookloorii hin qabani. Yaanni dogoggoraa kun qo'attoota adda addaa biratti nihubatama. Yaanni kunis kan inni burqe namoonni magaalaa sababa qaroomina adda addaarraa kan ka'e jireenya ammayyaa waan jiraataniif waa'ee fookloorii irraanfachaafi itti fayyadamuu dhiisuu isaaniiti kan jedhu. Haata'u malee,

fooklooriin jireenya kamiyyuu keessatti kan jiraatan baadiyaa, kutaa magaalaa xixiqqaafi magaalaa gurguddaa keessattillee argamuusaati.

2.3.3 Fooklooriin Kantureefi Yeroo Ammaa Kan Hinjirre Godhanii Ilaaluu

Hayyoota tokko tokkoon fooklooriin duratti kan ture qabeenya hawaasaa yoo ta'u, yeroo ammaa guddina tekinoloojiin (globalization) dhiibbaan kan irra gahuufi yroo gabaabaa keessatti hin bada jedhamee yaadamuun isaa ilaalcha dogoggoraa keessaa isa tokkodha.

Jechi fookloorii jedhu otoo hin uumamiin dura damee kana jalatti warri hammataman hafteewwan qabeenya uummataa (popular Antiquities) moggaasa jedhamuun kan beekamu ture. Yaanni dogoggoraa kun jecha fookloorii jedhuuf, kan ture, kan dulloome, aadaawwan durii kan qo'atu godhanii ilaaluudha kan jedhu. Haata'u malee, fooklooriin jireenya dhala namaa waliin kan walitti hidhinsa qabuufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti kan argamu ta'uusaa hubanna.

2.3.4 Fookloorii Qaama Qorannoo Gara Biroo Godhanii Fudhachuu

Fooklooriin waa'ee jireenya dhala namaa guyyaa guyyaatti raawwatu kan qo'atu damee qo'annoo waan ta'eef, dameewwan qo'annoo adda addaa fakkeenyaaf, Antiroppoloojii, ogbarruu, sosholoojii, sayikoloojiifi kan kana fakkaatan waliin kan walitti dhufu yoo ta'eyyuu dirreewwan qo'annoo gara biroo irraa waan inni ittiin adda ba'u amaloota hedduutu jira. Kanneen keessaa fooklooriin garee keessatti kan mul'atu hojiiwwan walii wajjin raawwatamu qabeenya waliinii qo'achuusaa ni ibsu. Kanaafuu, qo'annoon fookloorii mataasaa kan danda'e damee qo'annoo aadaa tokkooti malee damee qo'annoo gara biroo godhanii fudhachuun dogoggoradha.

2.3.5 Fooklooriin Kan Daddarbu Karaa Al-Idilee Qofa Godhanii Yaaduu

Ogummaa guddaa yookiin aadaa idilee (official culture) kan jedhaman yeroo adda addaa keessatti karaa sab-quunnamtii ammayyaa yookiin dhaabbata idilee keessatti beekumsa nuti argannu kan qabatuufi karaa idilee ta'een kan daddarbudha. Yaadrimeewwan kana fookloorii waliin walqabsiisuun fooklooriin dhaabbata idilee keessatti kan hin argamneefi kan daddarban al-idilee qofa akka ta'eetti yaadama. Garuu, yaanni kun dogoggoradha. Sababiin isaa fooklooriin dhaabbata idilee keessatti argamuu kan danda'u

yoo ta'u,dhaabbata kana keessatti beekumsi fookloorii kan daddarbu seera idilee hordofuun ta'a.

Waa'ee fookloorii al-idilummaa karaa itti daddarbu ilaalchisee fooklooriin dhaabbata idilee (mana barumsaa,dhaabbata mootummaafi kan kana fakkaatan) gallee yookiin kitaaba dubbisnee beekumsa argannu otoo hintaane hiriyyoota keenyarraa,maatii keenyarraa,hawaasa keessatti guddannerraa yookiin warreen garee 'folk' kan biroo irraa kan barannudha. Ibsi Maartaafi Maartiin kun fookloorii gutummaa guutuutti karaa al-idilee kan barannu ta'uu dhiyeessanii jiru. Garuu, fooklooriin beekumsa hawaasa keessa jiru waan ta'eef hawaasichi beekumsa kana dabarsuuf idilee yookiin al-idilee gargaaramuun dhimma kana itti ba'udha.

2.3.6 Fookloorii Aadaa Beekamaa (popular culture) Yookiin Aadaa Ifa Bahanii Mul'atan Waliin Walfakkeessanii Fudhachuu

Namoonni muraasni barnoota idilee kanneen baratan yookiin hawaasicha keessa sababoota adda addaatiin ifa bahanii kanneen mul'atanii aadaawwan raawwataman ,aadaa warra ifa bahanii mul'atan jechuun beekamu.Aadaawwan warra ifa bahee mul'atuu kun kan namoota muraasaa waan ta'aniif fookloorii hawaasichaa kan hin ibsneedha.Aadaawwan beekamoofi ifa bahanii mul'atan kan hawaasichaa kan hintaaneefi daddarbinsi isaa sabquunnamtii idilee yookiin adeemsa leenjii fuulleefi fuulleetti raawwatudha.Abbaan beekumsa kanneeni ammo namoota qubee lakkaa'an kan ilaallatudha. Aadaa warra beekamoofi kanneen warra ifa bahanii fookiloorii akka hintaane Sims and Stephens(2005:4)ni ibsu.

Yaada armaan olii kanarraa wanti nuti hubannu jira.Kunis, waa'ee fookloorii ilaalchisee ibsa namoonni tokko tokko kennan yoo ilaalle dogoggora qabaachuu isaati. Kanaafuu, akka walii galaatti yoo ilaallu hayyoon adda addaa waa'ee fookloorii irratti bifa tokkoon kan walii hingalle ta'uusaa hubanna.Kunimmoo ilaalcha irratti waan hundaa'uuf gariin yaada sirrii yoo qabaatan gariin immoo yaada dogoggoraa qabaachuu akka danda'an nama hubachiisa.

2.4 Gosoota Fookloorii

Fooklooriin damee adda addaatti qoodamee qo'atamaa tureera. Yaada kana ilaalchisee waan hayyoonni jedhan hubachuun barbaachisaadha.

Umar (2004)35-36, Fekade (1991:10-15) wabeeffachuun waa'ee Fookloorii akka armaan gadiittii lafa kaa'ee jira. Kunis : 1) Afoola 2) Aartii sochii qaamaa 3) meeshaalee aadaa fi 4) Duudhaa hawaasaati.

2.4.1 Afoola

Afoolli dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefii yookiin otoo hin kennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaarratti kan xiyyeffatudha. Jechoota bu'uura godhatee afseenaa, af-walaloon, hibboon, dubbii haalawaan, mammaaksiifi kan kana fakkaatan labataa labatatti kan darbudha. Afoolli amaloota hurruubummaa, jijjiiramummaa, yoomeessaa fi hirmaannaa jamaa kan of keessaa qabudha.

2.4.2 Aartii Sochii Qaamaa

Aartiin sochii qaamaa gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee ogummi isaa sochii qaamaatiin kan mul'aatudha. Aartiin sochii qaamaa: sirba , sochii qaamaafi diraamaa, ogummaa qo'atamuufi wantota qo'ataman of keessaa qabudha.

2.4.3 Meeshaa Aadaa

Namoonni fedhii meeshaa fi xinsammuu guuttachuuf dandeettii ogummaa agarsiiseef jecha kan hojjetanii wantota ijaan mul'ataniifi harkaan qabatamuu danda'anidha. Isaanis:ijaarsa manaa, faayaafi meeshalee harkaan hojjetaman kan akka: hojii harkaa, aartii, fakkii, hojii qiyyasaa, uffata aadaafi nyaata aadaa kan hammatu.

2.4.4 Barsiifata Hawaasaa

Barsiifanni hawaasaa ce'umsa sadarkaa (sirna gadaa, dhaqna qabaa, fuudhaa fi heeruma), qoricha aadaa, lakkoofsa baraa, jilaafi kabaja ayyaanaa, bashannanaafi taphoota, barsiifataafi amantii kan ofkeessaa qabudha.

Yaaduma armaan olii kana waliin kan wal fakkaatu Darajjeen Fiqaadee (1991:13) wabeeffachuun Duudhaan hawaasaa wantota gurguddoo afur ofkeessaa akka qabu ibseera. Kunis feestivaalotaafi ayyaaneffannaa, bashannanaafi taphoota, qoricha aadaafi amantaa hawaasaa kanneen jedhamanan ta'uu hubachiisee jira. Kanneen keessaa ayyaaneffannaan isa tokko.

Ayyaaneffannaa Yookiin Waaqa Araara Kadhachuu

Ayyaaneffannaan barsiifata hawaasaa keessaa tokko yoo ta'u, karaan ittiin waaqaa kadhataniifi badii yookiin cubbuu hojjetame tokkoof karaan araari Waaqayyoo ittiin bu'u kan keessatti ilaalamudha.

Waa'ee ayyaaneffannaa ilaalchisee Salamoon (2007:158) yaada armaan gadii lafa kaa'eera. Jireenya hawaasummaa keessatti ayyaaneffannaan iddoo guddaan kan kennamuufii ta'ee haalota amantaan itti gaggeeffamu yaadachuuf jecha wanta raawwatamudha. Ayyaaneffannaan kunneen duudhaa hawaasaa, amantaa hawaasaa, eenyummaa hawaasaafi kan kana fakkaatuuf bu'uura yoo ta'u, hawaasnis akeeka yookiin galma guddaa barbaade tokko bira ga'uuf irra deddeebi'ee kan raawwatamudha. Hawaasichi maaliif akka ayyaaneffatu kaayyoo mataasaa qaba. Kunis, jireenyi biyya lafaa akka mijatuuf, balaawwan uumamaafi namtolchee jalaa baraaramuufii jireenya du'aan booddees ekeraan isaa akka boqonnaa argatuuf jecha kan ayyaaneffatamudha.

Akkuma yaada armaan oliitti ibsame jireenya hawaasummaa keessatti ayyaaneffannaan baay'ee barbaachisaadha. Kunis, namoota gidduutti walitti dhufeenya gaarii uumuuf, tokkummaa cimsuuf, beekumsaafi muuxannoo waliif qooduuf, obsa horachuuf, waliif dhiisuufi Waaqayyoon sodaachuun safeeftanii akka jiraataniif jecha irra deddeebi'amee kan raawwatamu ta'uusaa hubanna.

Akka ilaalcha Oromootti, ayyaaneffannaa keessatti Araara Waaqayyoo baasuuf duraan dursanii Waaqa beekuun barbaachisaadha. Kana jechuun olaantumma inni uumama hundumaa irratti qabu ilaaluun abboommii isaa jalatti buluu waliin kan walqabatudha. Kana booda, dhimmoota adda addaa keessatti Waaqa uumaa araarfachuu dandahuudha. Dhimma kana ilaalchisee Taaddasaa Jaalataa (2006) akkanatti ibsa.

“ Waaqeffannaa is a belief in one God, the God of creation, peace and life, the God who created tree; therefore God of trees, the God who is manifested in the form of Ayyaanaa(kind spirit) the God who comes down to a man in the form of ayyaanaa and helps and guides him. Therefore Guji father says ‘Ayyaana abbaakoo na gargaari; i.e God of my father help me’. Whenever he leaves his home to his farmland he is praying to the God of his fathers. Thus, the Waaqeffannaa involves the belief in and prayer to the God who created the world.

Akka yaada armaan oliitti Oromoon Waaqa uumaa tokkicha kan waan mara uumetti hirkatee jireenyasaaf akka toluuf karaa ayyaana abbaasaa kadhaa fi sagada gaggeessuusaa hubanna.

Akka toora interneetii www.oossered.net/./ssrr.19p.3.pdf irraa hubanutti oromoota keessaa kan guutummaa guutuutti kiristaana hin taane waaqa tokkicha karaa ayyaanaa quunnamuun sagada gaggeessuu isaanii hubanna. Ayyaanni Waaqa Oromoofi saba Oromoo wal quunnamsiisuun walitti dhfeenya jiru to’ata. Kunis karaa Qaalluu, kanneen hafuuraan guutamaniini.

Yaaduma kana fakkaatuun Leellisaa (6413:120) kan jedhamu ibsee jira. Ayyaanni Nabii kan abbaa irraa namatti dhaalamu ayyaana dhiiraati. Kan dhiira balaa kamiyyuu irraa tiksuu, nama waliin bakka deeman hunda dhaqee balaa irraa nama eegu. Yeroo ayyaana kanaa kabajaan uffata kuula gurraachaafi diimaa filatu. Akkasumas sabbata dheeraa ciqilee (afurtama) kuulli gurraacha, diimaafi adiin darbee darbee kuulamee uffatama.

Namoonni kan Waaqa kadhachuun araaragaafatan cubbuu irraa akka qulqull’aniifi. Akka Waldaan Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006:52) irratti ibsee jiruun, cubbuun dheekkamsa Waaqaa kan dhalli namaa safuu fi seera uumaa- uumamaa cabsuutiin dhala namaa fi uumamaaratti dhufudha; dhugaajal’isuun, shira namatti dalaguun, sobaan kakachuun, akkasumas fedhii fi seera waaqaa eeguu dhiisuun kan dhufudha. Waaqnii dheekkamsa isaa karaa adda addaa namatti mul’isa. Mallattoo cubbuu kana warreen beekanis hikanii dhala namatti himan; dhalli namaas waan cubbaa’e kana keessaa ba’uuf ni falata; gaarummaatti deebi’aa jedha.

Jireenya hawaasaa keessatti namoonni safuu eeguu yoo dhiisan Waaqa uumaa isaanii waliin walii hin galani. Walii galteen hin jiru taanaan jireenyi namaa jeeqamuu danda’a. kanaafuu safuu eeguun barbaachiisaadha. Akka luba Balaay Mokonnin (2007; 106)

jedhutti, 'Safuu' eegu jechuun hojii waaqayyoo dinqisiifachuu, abboommii waaqayyootiif bitamuu, shiraafi daba akkasumas sobaafi gantummaa balaaleffachuu jechuudha" jedha.

Waaqni waan namarraa barbaadu yoo dhabe namatti mufata. Kanaafuu, dafanii araara kadhachuun barbaachisaadha. Yaaduma kana kan cimsu kitaaba 'Daaniyaa' fuula 44 irratti akkanatti ibsamee jira. "Fedhiin waaqaa dhalli namaa akka seera uumaa-uumamaa kabajee buludha. Seerri Waaqaa akka dabu, akka cabu, akka jalatu, akka seelatu, akka hir'atuufi akka beenxa'u hin fedhu. Namni seera Waaqaa ulfaataafi dhugaa kunneenirraa maqe, Waaqa gaddisiisa; wabii jireenyaas ni fallessa. Haata'utii, kan balleesse yoo gaabbee araaraa fi dhiifama kadhatee gara waaqaatti deebi'e waaqni ni dhiisaafi- waaqni araara" jedha.

Sanbatoofi kanneen biro (2004;11) waa'ee Oromoon Waaqa gurraacha kadhatuu akkanatti ibsa." Waaqni gurraacha uumama hundaarratti olaantummaa akka qabu uummanni Oromoo ni amana. Kanaafuu, Oromoon waan hamaa jalaa akka baraaramuuf Waaqa nikadhata. Kadhannaasaa hunduma keessatti harkaafi fuula isaa waaqatti olqabee yaaddoo qabuuf furmaata gaafata. Ela ani asanjira; adaraa gara koo koottu; dhufaatiin kee wantoota gaarii biyyaaf fida. Kadhannaa akkanaatiin Oromoon Waaqa gurracha akkanatti dinqisiifata.

Waaqa uumaa; hunduma kan uumte
Garraamiifi waaqa gurraacha namaaf dhiiftu
Arjummaan kee akka bokkaa kan ta'e
Waaqa tokkicha maqaa dhibbaa
Waaqa salgan booranaa
Waaqa sagaltama qabaroo jedhu" jedhan.

Akka yaada armaan oliitti Oromoon jireenya gaarii akka jiraatuuf dinqii waaqni hojjetu ilaale Waaqa kadhachuu akka qabu nama agarsiisa.

Waa'ee safuu Oromoo ilaalchisees, Sanbatoonfaa yoo ibsa kennan,

"In Oromo customs and traditions, 'safuu' means giving prior respect to the creator God. It also connotes mutual respect among both elders and young, reaspect of the junior for the senior and vice versa. Every action performed against the order of God the creator is tantamount to committing what he forbids

or what he heates so much so that people often pray safu Waaqa, save us from such an action. ''

Yaanni kun kan mul'isu barsiifataafi duudhaa Oromoo keessatti safuu jechuun jalqabarratti Waaqa kabajuudha. Kana malees xinnaafi guddaaf kabaja kennuun barbaachisaa akka ta'e ibsuu isaati. Gochaan kamiyyuu ajaja waaqaatiin taasifamu kan waaqxi jaalatuufi hinjaallanne yoo eegame safuu Waaqaatu akka eegameetti kan ilaalamudha.

Sahilu (1996) Oromoon maaliif Waaqa akka kadhatu akkanatti lafa kaa'eera. Kunis, ''Oromoon Waaqa olaanaa isa waan mara uumetti amana. Kanaafis, nageeynaafi hormaata argachuuf jecha Waaqa kadhatee galatoonfata. Isa malee afuura biraatti hinamanu'' jedha. Yaanni kun kan ibsu nageenyiifi hormaanni argamuu kan danda'u yoo Waaqa beekanii kadhachuun galata galchan ta'uu nama hubachiisa.

2.5 Tajaajila Fookloorii

Haala jiruufi jireenya hawaasaa keessatti fooklooriin tajaajila bal'aa kenna. Mee kanas yaada beektotaatiin wal fudhachiisnee haa ilaallu.

Tiquabo (2009:23) the new *Encyclopedia Britannica* (2005) waabeffachuun tajaajila fookloorii bakka gurguddaa lamatti qooduun ibseera. Kunis

Behavioral classification of function .Oral literature like written literature satisfies:

The desires of morals to transcend their ordinary world. In the myths the heroes visit the other world in the legends ordinary folk are taken to fairy land; and in the Machen the youngest son or daughter of a peasant family makes a royal marriage. This kind of function according to encyclopedia Britainica (2005) is labeled as the escapist function.

Yaanni armaan olii kan ibsu fooklooriin tajaajilli isaa jireenya hawaasaa keessatii waan tokko jalaa miliquu yookiin dheessuu agarsiisuu ta'a.

Cultural geographical classification of function.

According to the new encyclopedia Britannica (2005), discussions regarding the function of folklore should consider the social setting and so-called non literate societies lacking written languages from the advanced civilizations engulfed in print. More over folklore is assumed to functions among the illiterate while those with better education are assumed to several researches conducted in cities

depicted those urban communities possessing their own oral poetry and other folkloric element. Tajaajilli fookloorii inni lammaaffaan kun kan agarsiisuu haala qubsumma uummataa fi aadaa hawaasaa isa hin baranneef kanneen gar-malee qaroomanii barressuu danda'an adda kan baasudha.

Waa'ee tajaajila fookloorii ilaalchisee Bascom (1965) akkanatti ibsee jira. Tajaajilli fookloorii bakka afuritti qoodamee ilaalama jedha. Kunis (1) tajaajila hawaasa bashannansiisuu (2) tajaajila aadaa gati qabeessa gochuu (3) tajaajila hawaasa barsiisuu (4) tajaajila walitti fufinsaa agarsiisuu fa'i.

Hayyuun sims and Sims and Stephen(2005:45-46) waa'ee tajaajila fookloorii ilaalchisee waan jedhe qaba. Kunis akka itti aanu kanatti ibsameera. Tajaajilli fookloorii inni bu'aa qabeessi waa'ee seenaa miseensa maatii fi muuxannoo maatii gidduu jiru waliif qooduun waan darbe, waan bu'aa qabuufi amantaa eenyummaa hawaasaa ibsu calaqqisiisuuf ooluusaati.

Dundes (1969:55) faayidaa fookloorii qo'achuu irratti yaada keenneera. Innis fookloorii qo'achuurratti waan mala dhahame tokko qayyabachuu yookiin hubachuuf oola kan jedhudha. Akkasumas fooklooriin beekumsa aadaafi ogummaa dhalootaa dhalootattiifi gareedhaa gareetti ittiin dabarsan ta'uusaas ibseera.

2.6 Xiinxala Barruu Walfakkii

Qorannoo kana waliin walitti dhufeenya kanneen qaban barruun tokko tokko sakatta'amanii xiinxalamaniiru.

Umar (2004) Qaacceessa Sirna Araaraa 'Kottuu-dhufee' Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa mata duree jedhu irratti qorannoo gaggeesseen namootaafi namoota gidduutti waldhabbiin adda addaa yoo ka'u, hawaasni naannoo akkam godhee araara akka buusu fala kaa'eera. As irratti mata-dureen kuniifi qorannoon amma gaggeffamee kun waa'ee araaraa haa kaasan malee xiyyeeffannoon isaanii adda adda. Kunis sirni araara kottu-dhufee waldhabbii namaafi nama giddu jiru karaa itti hiikan yoo ta'u, Araarri Waaqayyoo immoo kan namaafi Waaqa gidduutti ilaaamudha.

Tiqoabe (2009) mata-duree "Folkloric Analysis of Tigray Festivals with special Reference to Ashenda" kan jedhamu irratti qorannoo kan gaggeesse yoo ta'u, kunis ayyaneffannaa irratti kan xiyyeeffate ta'ee farruu fi arrabsoodhaan duudhaa hawaasichaa

afaaniffaadhaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa deemudha. Qorannoon kunis mata-duree qorataa waliin gama ayyaaneeffannaa waggaa waggaan kabajamuufii faaruwwaan dhimmoota kana cimsan qabaachuun walfakkaatu.

Darajjee (2012), Qaaccessa Qabiyyee Qoricha Aadaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa mata-duree jedhurratti qorannoo gaggeesseen cubbuufi wantoota hawaasa keessatti jibbamaa ta'an irraa of qusachuun dhimma ofii fiixaan namaa baasuu danda'uu ibsee jira. Kunis namni tokko qoricha aadaa sirriitti qopheessuu kan danda'u yoo gochaalee armaan olii irraa of qusate ta'uusaati. Akkasumas namni tokko kan kadhatee Waaqa araarfachuu danda'u yoo safuu eegeefi cubbuu hojjechuu irraa of qusatedha. Bifa kanaan yoo ilaalle kallattinis ta'uubaate walfakkeenya hamma tokko jiraachuusaa nama hubachiisa.

Sisaay (2012), Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksa Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaa mata-duree jedhu irratti qorannoo gaggeessuun dhimmi fookloorii haala jiruufi jireenya hawaasaa calaqqisiisu lafa kaa'ameera. Waa'een ayyaaneeffannaa Araara Waaqayyoos as jalatti waan ilaalamuuf gama kanaan walitti dhufeenya qabaachuu danda'aniiru.

Dirribii(2012) Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa oromoo jedhu waa'ee Waaqeffannaa(ayyaaneffannaa) irratti kan xiyyeeffate qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaba. Kunis maaliifi eessatti Waaqa kadhatanii araara akka buufatan ibsuu isaarratti.

Waldaan Aadaa fi Duudhaa Oromoo (2006) barruu Daaniyaa jedhuu keessatti waa'ee Waaqa kadhannaa ilaalchisee yoo safuu hawaasaa eeguu baatan Waaqxi fuula namarraa akka garagalfatuufi akka namatti dheekkamu ni eerti. Haaluma walfakkaatuun qorannoon kunis kan ibsu soodaa Waaqaa jalatti buluu yoo baatan namoonni uumaa waliin walitti bu'uusaanii ifa baasa.

Boqonnaa Sadii: Mala Qorannoo

Qorannoon kun mala akkaamtaa hojiirra oolchuudhaan kan gaggeeffamedha. Adeemsi kun odeeffannoo kallattii adda addaatiin funaaname jechaan waan ibsuuf mala akkaamtaa ta'ee ibsa kennuurratti kan hundaa'edha. Yaada kana Addunyaan (2011:10) yoo ibsu, "Qorannoon akkamtaa gaaffiiwwan 'maaliif?', 'akkamitti?' jedhaniif deebisuuf carraaqa. Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa" jedha.

3.1 Sababa Bakki Qorannoo Kun Itti Filatame

Qorannoon kun Wallagga Bahaa Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Raareetti kan gaggeeffamedha. Aanaan kun gandoota baadiyaa kudha saddetiifi gandoota magaalaa lama walumatti gandoota digdama kan qabudha. Gandoota kana mara irratti qorannoo gaggeessuuf raga argachuun rakkisaa waan ta'eef (1/3) gandootaa fudhachuun qorannoon kuni gaggeeffameera. Qorataan kun bakka qorannoon kun itti gaggeeffamu kan filateef kaayyoo isaa galmaa'an ga'achuuf murteessaa ta'uusaa waan hubateefi. Kanaafuu, bara 2007, baatii Guraandhalaa keessa gandoota Misooma Dhaangaggoo, Keekkuu Qaalloo, Haroo Guutaa, Sochoosaa Gammachiisaa, Kaarraa Konteefi Tattaafataa Tulluu Maraa irratti hundaa'uun qorannoon kun gaggeeffameera.

3.2 Iddatteessuu

Iddatteessun mala qorataan iddattoolee itti filatudha. Akka qorannoo kanaatti malli iddatteessuu kun iddatteessuu akka kaayyoo (Purposive sampling technique) fi iddatteessuu darbaa dabarsaa (Snowball sampling) bu'uura kan godhatedha. Kunis gandoolee filaman keessaa namoota dhimma Araara Waaqayyoo baasurratti hubannoo yookiin beekumsa qaban darbanii darbanii gaaffii afaanii gaafachuun ragaaleen walitti qabaman. Namoonni odeeffannoo kennan kunis baay'inaan kudha lama yoota'an, haalli itti filamanis hawaasicha keessatti dhamma kana gubbaarratti hubannoo qabaachuu isaanii uummanni naannoo waan qorataaf odeeffannoo kennaniifi.

3.3 Mala Ragaan Ittiin Funaaname

Ragaalee walitti qabuuf qorataan maloota armaan gadiitti fayyadameera. Kunis afgaaffiifi daawwannaadha. Afgaaffiin kun afgaaffii banaa ta'ee namoota dhimmicharratti hubannoo qabaniif kan dhiyaatedha. Akkasumas yeroo sirni Araara Waaqayyoo baasamu daawwachuun waan hubatame xinxaluun odeeffannoon walitti qabameera.

3.3.1 Afgaaffii

Afgaaffiin kan dhiyaateef namoota hubannoo gadifagoo qaban filachuudhani. Akkaataa itti ragaan qabames namoota filaman tokkoon tokkoon isaaniif gaaffii afaanii dhiyeessuudhaan yaada isaan kennan yaadannoo qabachuudhaani.

Afgaaffiin kan gaggeeffame ragaa laattoota namoota duudhaa Oromoo Aanaa Jimmaa Raaree beekan irratti yoo ta'u, isaanis lakkoofsaan kudha lama ta'u. Jarreen kun muuxannoofi beekumsa waa'ee Araara Waaqayyoo Baasuurratti waan qabaniif akka aanaa kanaatti yaada waliigalaa irraa hubachuun ni danda'ama jedhameet abdatama. Kanaafuu, uummata naannoo kanaa bakka bu'uun aadaa isaanii ibsuu ni danda'u jechuudha.

3.3.2 Daawwannaa

Dastaa Dassaalany (2013) waa'ee daawwannaa akkanatti ibsa. "Daawwannan mala odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa. Warra qorannoon irratti gaggeeffamu sunniin kaayyoo qorattichaa beekanis beekuu baatanis qorattichi waan isaan dalagan, akkatti isaan dalagan, hasawaa isaanii sirriitti ilaaluuf dhaggeeffachuudhaan galmeeffata" jedha.

Daawwannaan hordoffii qaamaan argamanii waan hubatan tokkorratti ibsa kennanidha. Kunis Araara Waaqayyoo baasuu keessatti adeemsa jiru ilaalanii waan namoonni raawwatuuf jedhu namatti himan, ilaalanii mirkaneeffachuu agarsiisa. Qorataan kunis yoomessa namtolchee uumachuun gochaa namoonni dalagan yeroo afuriif bakka adda addaatti hubatee jira. Dhimmi kunis yaadannoo gaggabaaboo qabaachuufi suuraa kaasuun hubatamuu kan danda'udha. Daawwannaa kana keessatti waltajii isa dhugaa argachuuf

haala qabatamaa jireenya hawaasummaa yeroo ammaa kana jiruun rakkisaa waan ta'eef qorataan kun waltajjii namtolcheetti gargaameera


3.4 Ragaalee Qaaccessuu

Ragaalee gaaffii afaaniin walitti qabaman iddoo tokkotti xiinxaluudhaan akkasumas yaada daawwatame waliin walfudhachiisuudhaan yaanni xumuraa, goolabniifi yaadnni furmaataa waan ta'uu qabu falli isaa lafa kaa'ameera.

Boqonnaa Afur: Ragaalee Xiinxaluufi Qacceessuu

Ragaaleen waa'ee duudhaa Araara Waaqayyoo Baasuurrattii xiyyeeffate akka armaan gadiitti xiinxalamanii qaacceeffamani jiru. Dhimmoonni qaacceeffamanis mata duree gurguddoo afur jalatti walitti qabamuun kan ilaalamanidha. Isaanis; bu'a bakakkaaf, ayyaana abbaaf, ayyaana ateeteef, warajoo hidhuufi hongee bu'uuf araara Waaqa kadhachuurratti kan xiinxalamedha. Dhimmi kunis damee fookiloorii keessaa barsiifata hawaasaa jalatti kan ilaalamu ta'a. Fakkeenyaaf, caasaa armaan gadii ilaali.

Caasaa Fookiloorii



Caasaaleen armaan olii fookilooriin kutaa gurguddaa afuritti qoqqoodamuusaa kan nama agarsiisudha. Kanneen keessaa barsiifanni hawaasaa isa tokko ta'uu mul'isa. Barsiifanni hawaasaas waan baay'ee of jalatti hammachuu kan danda'u yoo ta'u ayyaaneffannaanis isa tokko. Akkuma barsiifata hawaasaa ayyaaneffannaanis kallattii adda addaatiin ilaalamuu danda'a. Kanneen keessaa Araari Waaqayyoo isa bu'uuraati. Kunis

xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'ee bifa adda addaatiin Waaqayyoon araarfachuu agarsiisa. Kunis araara Alla Damaam /Waaqa bakakkaa buusu, kan Nabii Horriiqaa, kan Ateetee fi yeroo hongeen bu'u Waaqa kadhachuun araara buufachuu kan mul'isudha.

4.1 Bakakkaa Bu'uuf Araara Kadhachuu

Bakakkaan qaqawweessa yookiin dheekamsa Waaqayyooti. Waqni Oromoo dheekkamuun qaqawweessa buusu kun Alla Damaan jedhama. Haalli dubbii bu'a bakakkaa waliin walqabate safuu qaba. Kana yoo jennu namni kamiyyuu akka barbaadetti jechoota hin baasu. Hawaasni naannoo kanaa yeroo Waaqni balaqqeessa'u "nooruu!" jedha malee 'nan bade!' hin jedhu. Akkasumas yeroo bakakkaan qabeenya nama tokkoo jechuun muka, horiifi mana namaa rukute waaqatu rukute ykn bakakkaatu dhahe jedhanii waca (iyya) hin kaasani. Yoo waca kaasanii iyyan ammas dabalee qabeenya namaafi lubbuu namaarratti miidhaa geessisuu danda'a. Kanaaf yoo dheekkamsa waaqaa dhagahan 'nooruu! Jedhu. Bakakkaan maatii tokkotti yoo bu'e Waaqatu itti beeke ykn itti gammade jedhama. Namni oduu kana namarraa dhaga'ellee rifatee, "nan bade kaa!" hin jedhu. Innis bakka isaa, "isaa бага!" jedha. Jechamoonni kun Oromonni naannoo kanaa hammam Waaqaaf ulfina akka qabaniifi akka sodaatan kan ibsudha.

Akka obbo Sanbataa Hundee (afgaaffii 7/6/2007) jedhanitti, "Bakakkaan yeroo mana namaa rukutu hawaasni naannoo sanaa birmachuu yoo deemu iyya hin kaasu; ni ililcha malee" jedhani. Aadaan akkasii kun akaakilleefi abaabillee isaa irraa kan dhaalamedha malee yeroo keessa kan dhufe miti. Akka Obbo Balaayii Warqee (afgaaffii 8/6/2007) jedhanittis, bakakkaan yeroo gannaa qaqewweessa'uun rooba keessa bu'ee kan namaafi horii miidhuu danda'udha jedhu. Kanaafis araara Waaqa kadhachuu barbaachisaadha.

4.1.1 Bakakkaan Jalqaba Gaafa Bu'u Wanta Godhamu

Bakakkaan gaafa jalqaba araddaa namaarraa bu'u wanti godhamu jira. Kunis abbaan araddaa sanaa hooda deemmatee qajeelfama hoodduun laateen gara manaatti galchata. Kanaafis namoonni barbaachisoo ta'an bakka bakakkaan bu'e kanatti walga'anii akka Waaqxi maatii sanatti araaramuuf ni kadhatu yookiin ni sagadu. Jarreen beekamoofi barbaachisoo ta'an nama sagaltu qooda kana qajeelcha. Isaanis kanneen armaan gadiiti:

- Faafama - Warra finiinsee kutu; tumtuu sibiila tuman
- Shammaanee - Warra dhahee gudunfu.
- Faaqii - Kan gogaa duugu
- Anaaxii - Warra muka shookkisu
- Guula - Nama sadarkaa Gadaarra jiru
- Jaarsa - Nama umuriin raage.
- Jaartii Ceferee - Manguddoo dubartii
- Daa'ima/guduruu - Margaa ol guddatu

Edda jarreen kun sagada gaggeessaniin booda namichi araara godhatu kun bakkichatti hoolaa gurraacha baarraka. Kanatti aansee aannan sa'a gurraacha yookiin farsoo goronjii (garbuu gurraacha) irraa nam'e dhibaafatee araara gaafata. Sana booda ciinacaa foon hoolaa edda qopheessanii nyaatanii, dhiiga hoolaa barrakkameefi biyyee iddoo sanaa fuudhanii dannaboodhaan yookiin sirbaan gara qa'ee namicha araara godhatuutti galu. Aannan sa'a gurraachaafi garbuun gurraachi kan filatameef waaqxi Alla Damaam gurracha waan ta'eefi jedhama.

Gaafa guyyaa jalqabaa kana meeshaaleen fakkaattii bakakkaa (cacabii) sagaltu sibila irraa tolfamee dhiyaata. Meeshaan kun biyyeefi dhiiga hoolichaa faana godoo sirna kabaja kanaaf qophaa'ee keessa taa'a. Cacabiin kun kan gaaddidduu lagatu waan ta'eef meeshaa xuwwee hin siilofne keessa galmicha keessa ta'a. Kunis hamma waggaa itti aanuutti bakka kanaa hin fuudhamu. Meeshaan olitti tuqame kuni lakkoofsan sagali. Kunis: Buttoo, maarashaa, qirixii, qottoo, uraa, burruusa, qonyee, haamtuu, qiyyii fa'i. Cacabiin kun gosa meeshaalee armaan olii kan qabateef bakakkaan bifa meeshaalee kana hundaa waan qabuufi jedhama.

Akka obbo Abdataa Diimaa (Qalluu afgaaffii 7/6/2007) jedhanitti namoonni sallgan qe'ee nama sirna kana gaggeeffatutti walga'anii akka armaan gadiitti maqaa walmoggaasanii waaqa kadhatuufi.

Maqaa Moggaafame

Eebba Godhamu

Qorsoo	Maqaan koo qorsoo, qorsoo siif haa araaramu
Bakakkoo	Maqaan koo Bakakkoo, Bakakkoo siif haa araaramu
Kallachoo	Maqaan koo Kallachoo, Kallachoo siif haa araaramu
Finiinsoo	Maqaan koo FIniinsoo, Finiinsoo siif haa araaramu
Duumessoo	Maqaan koo Duumeessoo, Duumessoo siif haa araaramu
Araarse	Maqaan koo Araarse, Waaqni siif haa araaramu
Duumettii	Maqaan koo Duumetti, Duumessi siif haa araaramu
Tiksee (margaa)	Maqaan koo Margaa, biqilli siif haa margu
Araarsoo	Maqaan koo Araarsoo, Waaqxii siif haa araaramu jechaa muka hin'eefi kalaalaa qabatani eebbisu

Maqaaleen akka moggaasaatti kennaman kun maqaa ulfina qabeessaafi sagadaaf kan tolan waan ta'eef hawaasni naannoo kanaa kan irratti waliigalanidha. As keessatti Qorsoon, Bakakkoon, Kallachooniifi Finiinsoon waan Waaqa keessaa bokkaa waliin bu'u, kan sodaatamuufi ulfina qabeessa ta'e kan bakka bu'udha.

Nyaatanii dhuganii edda maaddiin ol deebi'ee booda cacabiin ni socho'a. Namoonni immoo ni ililchuu. Waggaa itti aanus yeroo isaa eeggatee itti fufa.

4.1.2 Bakakkaan Dhimma Bu'uuf Qaba

Bakakkaan yeroo naannoo tokko bu'u yeroo jalqabaaf hawaasa naannoo sanaa ni beeksisa. Akka obbo Sanbataa Hundee (afgaaffii 7/6/2007) jedhanitti bakakkaan yeroo jalqabaaf araddaa nama tokkoorra yoo bu'e, abbaan araddichaa hooda deemee akkaataa hoodduun sun raajjeen ofittim fudhatee Waaqa kadhachuu qaba. Yoo kuni ta'uu baate balaan akkasii maatii warra sanaarra qaqqabuu danda'a. Fakkeenyaaf, jalqaba qe'eerraa fagaatee gara goodaa bu'a. Yoo kaafachuu baatan ol siqee dallaa jala bu'a. Ammaas yoo dhiisan borootti ol darbuu manduuba bu'a. Akkasuma gochaa dhumarratti manarra bu'ee lubbuufi qabeenya maatii sanaa balleessuu danda'a. Gochaan kun kanbara adda addaa keessatti ta'uu danda'udha. Kanamalees, cubbuufi waan waaqxi hinjaallanne yoo dalagan waaqxi namatti akka dheekkamu hawwasni kun nibeeka. Kanaafuu, namni waaqti araddaa isaarratti beeke otoo oolee hin bubbuliin hoodaafi sagadaan ofitti fudhatee waggaa waggaan waaqa Allaa kanaaf araara baafachuu qaba. Gochaan kuni kan mul'isu

Oromoonnii naannoo kanaa Waaqa beekanii akka itti bulaniifi kabajaniif raawwata jedhama. Haala kanaan barumsaafii akeekkachisa fudhachaa Oromoon soda Waaqaa jalatti bula. Amaleeffannaan akkasiis dhalootaa dhalootatti kan daddarbaa dhufedha.

4.1.3 Bakakkaan Yoomiifi Eessatti Bu'a?

Bakakkaan yeroo baay'ee Arfaasaafi Gannaa keessa bu'a. Kan inni bal'inaan bu'u mukarra yoo ta'u, darbee darbee mana namaarras ni bu'a. Akka jaarsoliin jedhanitti yeroo bokkaan roobu, keessattu yeroo waaqxi qaqawweessa'u muka jala dhaabachuun sirrii miti. Kunis kan agarsiisu bakakkaan muka jalatti nama rukuchuu waan danda'uufi. Akka tasaa mana keessatti yoo nama rukute bataluma sanatti namni reeffa ta'a. Haata'u malee yeroo sanaa eegalee namni rukutame kun dikee horii keessa yoo awwalamee kan duraan du'e fayyuu danda'a jedhama.

4.1.4 Namni Araara Waaqayyoo Baafatu Mallattoo Ittiin Beekamu Qaba

Namni kun yeroo sagadaaf ba'u namootaan marsameetu fuuldura isaanii deema. Innis muka hin'ee (irreessa), ulee waddeessaa qabatee, kalaalaa mataatti maratee adeema. Yeroo mana ga'u kophaasaa adda ba'ee barcuma isaaf qophaa'e irra taa'a. Teessumasaa biraatti ulee waddeessaafi baala hin'ee keenyanitti hirkisee hamma sagadni raawwatutti of bira kaa'a. Garri birraa immoo meedhicha harkatti keewwata. Akkasumas hamma shanan baasutti harkaafi miila hin dhiqatu. Qabxiilee kanaan adda bahee beekama. Biqiloota keessaa mukti hin'ee, waddeessiifi kalaalaan kan filamaniif araaraaf waan tolaniif jedhama. Yaanni kun kan fudhatame afgaaffii obbo Abdataa Diimaaf taasifame irraati.

4.1.5 Uffata Alla Damaam /Waaqa Bakakkaa buusu/

Uffanni Allaa jaanoo kumalli yookiin kuulli isaa gurraachaafi diimaa ta'edha. Sababii kuulli isaa gurraachaafi dimaa ta'eef waaqxii gurraachaafi diimaan jira waan ta'eef jedhama. Uffanni kunis kophaatti adda ba'ee kan kaa'amuufi hamma waggaa gafa sagada sanaatti galma keessa jiru sanaa kan akka argame fuudhamu miti. Dhimma kanaaf jecha godoon ijaaramee kan keessatti tajaajilli kennamudha.

4.1.6 Adeemsa Kadhannaa Araara Waaqayyoo

Araarri Waaqayyoo waggaa waggaatiin kan kabajamu ta'ee adeemsa hordofu qaba. Edda jalqaba sagadaan manatti galfatanii booda waggaa lammaffaarraa kaasee akka armaan gadiitii raawwwata.

4.1.6.1 Qophii Duraa

Guyyaan kabaja Araara Waaqayyoo kun otoo hin ga’iin lafa jalee wantii godhamu jira. Kunis: Dhangaaleen adda addaa lafa jala qophaa’u. Isaanis qorii, dhodhoobboo, bixxillee sagal, buqqurii garbuu gurraachaa, hoolaa qalmaafi kan kana fakkaatu fa’i. Kan qalamu kunis korbeessa bifa gurraachaati. Kana malees godoon Allaa ni haaroma; namoonni dhiyoofi fagoorraa waamichi ni taasifamaaf. Namoonni waamamaanis akkuma human isaaniitti dhangaalee adda addaa qopheeffachuu eegalu. Guyyaan araarri kun itti laatamu akka bashannanaattis waan ilaalamuuf namoonni gammachuudhaan eeggatu.

4.1.6.2 Yeroo Raawwii

Araarii Waaqayyoo gaafa kana haala nama gammachiisuun raawwata. Namni araara kana laattatu namoota sirna kana qajeelchan guula, faafama, manguddoo, cefereefi k.k.f manatti waammata. Cabsa gara galgalaa naannoo mukti hin'ee jiru deemanii hirreessa cabsatu. Otoo hirreessi hin cabin bakka sanatti saganni namoota dhimmi isaa ilaallatuun ni sagadama. Dursee abbaa dhimmatu sagada.

Isa Kadhatuu	Warra Jalaa Qaban
• Bakakkoon araari jedhi	Araari
• Qorsoon araari jedhi	Araari
• Isa marashaa baatuun araari jedhi	“
• Finiinsoon araari jedhi	“
• Isa uraa baatuun araar jedhi	“
• Isa qirixii baatuun araari jedhi	“
• Areer ya waaqayyoo araara buusi	“
• Maatii isaanii eegi	“
• Maasii isaanii eegi	“jechaa

Innis kalaalaa mataatti maratee, hirreessa hin'ee namoota shanitti edda kennatee, ofiisaas harkatti qabatee walduraaduubaan akkanatti kadhatu. Kunis:

walharkaa fuudhanii sagada isaanii goolabu. Kana booda faarfachaa gara manaatti deebi'u.

Qorataan kun akka daawwatee ilalettis yeroo namoonni hirreessa cabsatanii bakka sanatti sagada gaggeessan hubatee jira. Isaanis abbaa dhimmaa irraa kaasee yeroo isaan dabaree eeggatanii Waaqa araara gaafachuuf jecha kadhatan akkasumas yeroo faarfachaa gara manaatti deebi'an hordofee suuraa kaasuun adeemsa isaa hubatee waan namoonni jedhan mirkaneeffatee jira.



Suuraa I: Yeroo Irreessa Qabatanii Faarfachaa Manatti Deebi'an Mul'isu (Qorataan 2007ALH kan ka'e

Suuraan kun kan agarsiisu namichi gidduu jiru kun abbaa dhimmaa kan araara laattatu ta'uusaa mul'isa .Kunis;namoota jiran keessaa haalli dhiyeenyi isaa adda waan ta'eefi.Akkuma as irraa mul'atutti namichi kun mataatti kalaalaa maratee ,hirreessa guddaa qabatee bitaafi mirgaan namootaan marfamee ulfinaan kan sirnichi gaggeeffamu ta'uusaa waan agarsiisuufi.

Akka Obbo Tarfaa Gabbisaa (afgaaffii 9/6/2007) jedhanitti faarichi walduraa duubaan akkanatti dhiyaata jedhu. Kunis:

Araar yaa waaqayyoo
Araarafan dhufe
Araar yaa waaqayyoo namaafuu sa'aafuu
Sanyiifuu jarmiifuu
Dhaltiifuu jabbiifuu
Ameessa okoleefuu
Sangaa qambarriifuu
Araar yaa waaqayyoo
Araarafan dhufe
Araar yaa waaqayyoo
Araarafan dhufe
Araar ya bakakkoo araarafan dhufe
Araar ya kallachoo araarafan dhufe
Araar ya duumessoo araarafan dhufe
Araar ya finiinsoo araarafan dhufe

Araar ya Waaqayyoo

Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo

Araar ya Waaqayyoo

Araar ya Waaqayyoo
Araar ya Waaqayyoo

Araar ya Waaqayyoo

Araar ya Waaqayyoo jedhu.

Faaruu kun kan agarsiisuu dheekkamsa Waaqayyoo akkam godhanii akka araara buufatan kan quba nama qabsiisudha. Kunis haala miidhagina qabuun hirmaattoonni dabaree eeggatanii walharkaa fuudhuudhaan sirnicha kan ho'isan ta'ee miidhagina sagaleesaaniitiin Waaqa Allaa kana garaa laaffisachuu isaanii agarsiisa. Saganni faaruu kun yeroo taasifamu gara abbaa dhimmicha isa araara laattatuutti galagalameetu. Sababiin isaas walhordofaa ; walcaqasaa sirnicha haalaan gaggeessuufi. Hirmaattoonni yeroo mana ga'an ammas araaraaf akka toluuf Waaqa ni kadhatu. Kadhannaan kunis kan taasifamuu guultotaan ta'a. Isaanis akkanatti kadhatu.

Tikseef siif haa araaramu!

Eeyyee haa araramu

Sa'aaf siif haa araaramu!

99

Sangaaf siif haa araaramu!

”

Jarmiif siif haa arraaramu

”

Nabsiifsiif haararamu!

99

Alaa manaa siif haa araaramu! jedhu.

9

Yeroo kadhanni kun gaggeeffamu biqila hulle guutuufi daabboofi akaayii harkatti qabataniitudha. Akkaataa isaan harkatti qabatanis akaayiifi daaboon barruu harka tokkoo keessatti yoo qabamu farsoon immoo hulleedhaan harka isa tokkoon qabatama. Kunis qooda Araara Waaqayyoo keessatti guutamuu qabudha. Eebba kana booda

cacabiin ni sosocho'a; hirmaattoonni ni ililchu. Itti fufee faaruun araara Waaqayyoo daddabalamee faarfama. Jidduutti immoo namichi araara laattatu seera eeggateetu kalaalaa mataatti maratee hiikkata. Innis guultoota irraa eeyyama akkanatti gaafata. Haala kana keessatti seera kan jennu waan namichi araara laattatu hojjetuufi hojjechuu hinqabne ilaallata. Fakkeenyaaf, namni kun otoo sirnichi gaggeeffamee hinxumuramiin ka'ee oliifi gadi hindeemu; namoota waliin hin qoosu. Kalaalaan mataarraa hiikamuun isaa Waaqxi ofhiikee nama kanatti araaramuu danda'uusaa ibsa. Yeroo dhimmi kun gaggeeffamu sagada keessatti dogoggorri yoo uumame guultotaan qajeelfama.

Namicha kalaalaa hiikkatu

Guula guultuu hiikadhuu?
Qorsoo hiikadhuu?
Bakakkoo hiikadhuu?
Duumeessoo hiikadhuu?
Finiinsoo hiikadhuu?
Araarsoo hiikadhuu?

Miseensota seera qajeelchan

Hiikadhu siif haa araaramu
Hiikadhu siif haa araaramu
Hiikadhu siif haa araaramu
Hiikadhu siif haa araaramu
Hiikadhu siif haa araaramu
Hiikadhu siif haa araaramu jedhu.

Isaanis edda eeyyama haala kanaan kennaniifii booda namichi kalaalaa hiikkata. Itti fufee nyaanniifi dhugaatiin namootaaf ni kennama. Abbaan dhimmaas kophaasaatti waan argate nyaachaa namoota nyaachisa. Bifuma kanaan nyaachaafi dhugaa yeroo muraasaaf boqotu. Kana booda yoo barbaadan faaruu araara Waaqayyoo yookiin sirba Gadaa dabaree dabareedhaan ni faarsu. Sirba Gadaa keessatti faaruu qofa otoo hin taane arrabsonillee jira. Haaluma kanaan hamma quufanitti nyaachaa dhugaa cookanii ni taphatu; faarichis akkanaatti itti fufa.

Kan Weellisu

Hoofuu hoofuu ya hoofuu
Hoofuu bakakkoo
Hoofuu duumessoo
Hoofuu finiinsoo
Waaqa kadhannaa
Waaqa araarsannaa
Hoofuu hoofu ya hoofuu

Kan Jalaa Qabu

Hoofuu
Hoofuu
Hoofuu
Hoofuu
Hoofuu
Hoofuu
Hoofuu jehaa waliin faarfatu.

Akka obboo Tarfaa Gabbisaa (afgaaffii 9/6/2007) jedhanitti faaruun kun kan ibsu uummanni naannoo kanaa qoodaafi hooda guuttatee Waaqa bifa dheekkamsaatiin namatti dhufe araara gaafachuusaa faaruudhaan miidhaksee ibsuusaati jedhu. Faaruu kana

keessatti jechi ‘hoofuu’ jedhu qooda baasuu agarsiisa. Kunis, sagadaafi faaruudhaan araara Waaqaa qajeelchuu kan mul’isu ta’uusaa nama hubachiisa.

Gidduu gidduutti eebbiifi saganni namoota seera araara Waaqayyoo qajeelchaniin ni taasifama. Itti fufee faaruun Gadaas namoota weelluu beekaniifi namoota jalaa qabaniin daran ho’ee itti fufa. Faarruun sirba Gadaas kana fakkaata.

Kan Weellisu

Yaa sinbirroo ya kiilolee }
Kiiloleeko seeyyewoo }

Gamanaa wayyaa dhahuu
Gamasi hin foosisuu
Jajjabaadhu ya waaqoo
Sobaniitu si doorsisuu
Nama waaqxii moosissee
Eenyu abbaan si doorsisee
Ya kiilolee kiiloleeko seeyyewoo }

Kan Jalaaqabu

{ Yaa sinbirroo yaa kilolee
{ Kiiloleeko seeyyewoo

Yaa sinbirroo ya kiilolee
Kiiloleeko seeyyewoo

Ya simbirroo ya kiilolee }
Kiiloleeko seeyyewoo }

{ Gamanaa wayyaa dhahuu
{ Gamasi hin foosis uu
{ Jajjabaadhu ya Waaqoo sobaniitu si
doorsisuu,
{ Nama waaqxi moosissee
{ Eenyu abbaan si dorsisee
{ Ya kiilolee kiiloleekoo seeyyewoo

Yasinbirroo yaa kiilolee }
Kiilolee ko seeyyewoo }

{ Yasinbirroo yakiilolee kiilolee
{ ko seeyyewoo

Faaruu armaan olii kun kan mul'isu namni araara laatatu akka jajjabaatuufi beekumsa akka horatuuf, akkasumas hawaasa naannoosaa keessatti fudhatama qabaachuusaa karaa hawaasa naannoosaa dhugaan ba'amuufiisaa kan mirkaneessu ta'uusaati. Kun immoo caalaatti akka namichi kutannoofi ejjennoo qabaatu taasisa. Bifuma kanaan hamma waariitti faaruun adda addaa ni taasifama. Nyaannifi dhugaatiinis akkanumaan itti fufa. Fakkenyaaf, yoo nyaanni akaayii garmalee itti baay'ate faaruu kanaan qeeqa laatu.

Kunis:

Kan Weellisu

Mee aannan yaadhakoo }
Mee annayyee }

Haraatiin caccabee }
Cichaan gadi hurgufaa }
Akaayiin dadhabee }
IlkaanNa dhukkubaa }
Mee aannan yaadhakoo }
Mee annayyee }

Mee aannan yaadhakoo }
Mee aannayyee }

Aannan cichaan raree }
Kennaan simararee }
Aannaniin raagittaa }
Silgaan dullomtittaa }
Mee aannan yaadhakoo }
Mee aannayyee }

Kan Jalaa Qabu

Mee aannan yaadhakoo }
Mee annayyee }

Mee aannan yaadhakoo }
Mee annayyee }

Haraatiin caccabee }
Cichaan gadii hurgufaa }
Akaayiin dadhabaa }
Ilkaan nadhukubaa }
Mee aannan yaadhakoo mee aannayyee }

Mee aannan yaadhakoo }
Mee aannayyee }

Faaruu kun kan faarfamu yeroo dhangalee nyaataa keessaa akaayiin qofti itti baay'atudha. Kunis kan ibsu haadha manaatiin faaruu fakkeessanii nyaanni akaayiin akka irraa dhaabatuufii dhugaatiin akka farsoo, bookaa yoo dandaa'ame immoo aannan akka kennamufii hubachisuudha. Haaluma kanaan wanti nyaatamu dhaabatee hamma quufanitti dhugaatiin daddabalee kennamaaf. Akka Obbo Sanbataa Hundee (afgaaffii 7/6/2007) jedhanitti gafa araara Waaqayyoo baasan waamichi mana sanaa quufee nyaatee dhuguu yoo baate bakakkaan dura bu'e sun maatii kanatti deebi'uu danda'a jedhu. Kanaafuu fedhii warra waamichaa guutuun dirqama warra araara laattatuu ta'a jechuudha. Faaruu kana kan faarsan abbaa dhimmaa, waamichaafi miseensota maatii hunduma ta'a. Gaddi qe'ee keessas ta'ee naannoo yoo jiraatellee qooda Waaqaa guutuuf jecha faaruun araara Waaqayyoo gaafa guyyaa isaa hindhiifamu; nifaarfama jechuudha.

Faaruu fi Arrabsoo

Karaabiraa immo miseensonni Gaddaa adda addaa gaafa Araarii waaqayyoo kana walfaarsu; akkasumas walarrabsu. Arrabsoo sana keessatti mufannaan hin jiru. Garuu arrabso arrabsoodhaan deeffatu. Mee faaruulee itti aanaan haa ilaallu.

Akka obbo Namee Dilgaasuu(afgaaffii 10/6/2007) jedhanitti faaruufi arrabsoon sirba Gadaa gaafa araara Waaqayyoo laattatan faarfamu akkanatti dhiyaata jedhu.

Faaruu

Kan Weellisuu

Jibittiikoo baranaafii
Barrii gooba baranaa
Goobi Gadaakee
Barri Meelbaa baranaa
Barri Duuloo baranaa
Barri Roobee baranaa
Barri Birmee baranaa
Barri Muudee baranaa
Duuloo gajjaa baranaa
Gooftaa Maccaa baranaa
Ya Birmajii baranaa
Ya sirbashee baranaa
Yaa Muuddanaa baranaa
Danuu kanaa baranaa

Kan Jalaa Qabu

Jibittikoo baranaafii
Barri goobaa baranaa
Goobii gadaakee
Goobi gadaa kee
Goobi Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee
Goobii Gadaa kee

Kiyyoon du'iiwoo
Ya sinbirroo ya kiilolee
Kiraarakoo birraa
Birraa miseensa sirbaa

Ya kiilolee
Ya sinbirroo ya
Kiilolee kiraaraa
Birra birra miseensa sirbaa

Faaruu aarmaan oliirraa akka hubannutti miseenssi Gadaa waldeeggara kan walfaarsaniifi faallaa warri ta'an immoo faaruu fakkeessanii arrabsoodhaan kan waltuqan ta'uusaaniiti. Fakkeenyaaf, Duuloofi Meelbaan michuudha walfaarsu malee walhinarrabsani.

Uummanni araara Waaqayyoo waamicha waamame karaa gama tokkoon kadhannaafi sagadaan seera Alla Dimaam yoo qajeeshu, karaa birra immoo faarruufi arrabsoodhaan walbohaarsaa tokkummaa, waldanda'uu fi jaalala walii waliif qaban kan waliif dhaaman ta'uu agarsiisa.

4.1.6.3 Raawwii Booda(Uluma Ciisuu)

Namni araara Waaqayyoo baasuu dhumarratti ulumaa ciisa. Kana jechuun akkuma dubartiin deessu tokko shanan baafattu namni araari laattatus shanan baafata. Namni kun guyyaa araari kennate booda guyya shaniif godoo Alla Dimaamiif ijaarame keessa tura. Guyyaa shanan kana guutu harka fi millaa hin dhiqatu; qeensa hin qoratu; hojii hin hojjetu; kuni hundi laguudha jedhuudha. Gaafa shaman baafatu akkuma gaafa duraa guultoota waammatee qooda ni baafata. Namoonni naannoos waamamnii qoodicha keessatti ni hirmaatu. Nyaanniifi dhugaatiin akkuma gaafa duraatti gosa gosaan dhiyaatanii namoonni ni affeeramu. Edda hojiin kun raawwatee booda namni qooda baafatu kun baala ulumaayiitti gargaaramuun qaama isaa ykn xurii isaa ni dhiqata. Kana booda hawaasa naannootti makamuun jireenya hawaasummaa jiraachuu eegala. Baalli ulumaayii kun foolii gaarii waan qabuuf qaama otoo hindhiqamiin shan bulee foolii godhate salphaatti foolii gaariitti jijjiiruuf human waanqabuuf filatame jedhama.

4.1.7 Namni Araara Waaqayyoo Laattate Waan Lagachuu Qabu

Akka naannoo kanaatti namni Araara Waaqayyoo baafate waan lagatu qaba. Obbo Dhugaasaa Nagaraa (afgaaffii 17/6/2007) akka jedhanitti waan baay'eetu lagatama jedhu. Kunis:

- Hobciin manaa hindaaku.
- Midhaan gabaa hinba'u.
- Qarshiin manaa ykn borsaatii hin ba'u
- Ibiddi ykn barbaadan manaa ba'ee ormatti hin kennamu.
- Mukti araaddaa sanarraa hin muramu
- Lafti araddaa sanaa hin qotamu.
- Sangoonni guyyaa gaafasii hin qottuu fi k.k.f faa'a.

Walumaagalatti sochiin hojii kamiyyuu gaafa guyyaa bakakkaan bu'ee eegalee hin raawwatamu. Fakkeenyaaf, guyyaa bakakkaan bu'e "Roobii" yoo ta'ee, Roobii, Roobii wanti jedhame hunduu lagu ta'a jedhuudha. Yaanni kun kan agarsiisu hawaasni naannoo kanaa abboommii waaqaa jala jiraachuun olaantummaa isaa karaa ittimul'isan ta'uu nama hubachiisa.

4.1.8 Ilaalcha Oromoon Muka Bakakkaan Rukuteef Qabu

Akka Oromoo naannoo kanaatti mukti bakakkaan rukute hoodaaf ni barbaadama. Akka ilaalcha isaaniitti mukti kun wantoota jireenya namaa irratti balaa uumuu danda'an akka qorichaa ta'ee namarraa dhorkuu danda'a jedhama. Wantoonni yookiin qaamni jireenya hawaasummaa keessatti rakkoo uumuu danda'an kanneen akka budaa, mortuu, xonqaayii (toshituu) fi goomattuu yoo ta'aniyyuu namni tokko falaxaa muka bakakkaan rukute yoo mana isaatti yookiin karra isaatti suuqqate humnoonni hamaa armaan olitti tuqaman namicha hin danda'an jedhama. Kanaaf mukti akkasii falaxaan isaa akka qorichummaatti barbaadama. Mukti kunis kan araarri irratti kadhatame malee waanuma bakakkaan rukuteef hin ta'u. Fakkeenyaaf, muka saganniifi kadhanni irratti hin taane falaxaasaa yoo

manatti suuqqatan balaa qe'ee ofiitti fiduudha waan ta'eef of eegannoo barbaachisa jedhuudha.

4.1.9 Tuma Guultonna Nama Araara Baafateef Tuman

Namni Araara Waaqayyoo baafate karaa guultoootaa seera tumsiifata. Kunis jireenya isaa keessatti gara fuulduraatti akka toluuf maqaa Waaqa Alla waamanii waan lagatamu tokko tokko akka gadhifamuufi rakkoon kana fakkaatu akka itti hin deebineef tuma tumu. Isaanis akkanatti jedhaniitu raawwatu.

Tumee seera:

- Bakakko itti hindeebi'u!
- Duumesso itti hin deebi'u!
- Finiinso itti hin deebi'u!
- Tumeeseera! hin jigu hin dhagala'u! kuni afaan maali?

Afaan waaqi jedhu

Kana malees akka fitaataatti laguun gadi dhiifamu jira. Kunis hojiin jireenya keessatti yeroo namaaf hin lanne akka namaaf eeyyamamee namni rakkoosaa ba'uuf kan tumamu dha. Kunis akka kanaatti ibsamuu danda'a.

Tumee seera:

- Hobciin fitaataa!
- Mukti falaxamu fitaata!
- Ibiddi manaa ba'u fitaata!
- Qarshiin manaa ba'u fitaata!

Tumeesera! hinjigu hin dhangala'u! kuni afaan maali? Afaan waaqi jedhaa tumama. Yaanni armaan olii kan ibsu, qoodni Araara Waaqayyoo akka jirutti ta'ee, bakkee jireenya keessatti rakkisaa ta'e immoo daanga seera isaa keessatti tumni tumamee wantii lagu ta'e tokko gadhiifamuu kan danda'u ta'uusaa ibsa. Fakkeenyaaf, maatii sana keessatti namni yoo dhukkubsatee sadarkaa cimaa irra ga'e, otoo qarshiin jiruu laguudha jedhanii qarshii hinbaasu yoo jedhan rakkoon dhufuu danda'a. Kanaaf haalli rakkisaa akkasii waan nama muudachuu danda'uuf lagu ture seera tumsiifatanii gadhiifachuun namarra jira jechuudha.

4.1.10 Sagada Allaaf Wanta Galu

Yroo kabaja araarii kanaa wantoonni sagadaaf galan jiru. Isaanis:

- Qumbii
- Bahaa (qaya)
- Biqila biqishame faa'a. Kunis, bal'aa yookiin gundoo gurroo sagaliirra kaa'amee akka itti aanutti kadhatama.
- Biqila gadhiisi!
- Sanyii gadhiisi!

Jarmii gadhiisii! Jedhama

Akka hawaasa naannoo kanaatti wantoonni armaan olitti caqafaman kun waan bakka bu'an qabu. Qumbiifi bahaan foolii gaarii waan qabaniif aarsanii Waaqa haala mijataa keessatti akka inni biqila, sanyiifi jarmii namaa qajeelchuf kadhaa ittiin gaggeessuuf ooluusaati. Biqilli biqishamee sagadaaf galu immoo sanyiin namaa akka biqilichaa akka baay'atuufi. Kun immoo hormaata mul'isuusaati.

4.1.11 Meeshaalee Allaaf Barbaachisan

Meeshaaleen godoo Allaa keessatti tajaajilaa kennan kenneen armaan gadiiti. Kunis:

- Jabanaa afaan lamaafi muchoo lamaa
- Barcuma taa'umsaa
- Bal'aa (gundoo gurroo sagalii)
- Haaduu qara lamaa
- Cacabiifi xuwwee keessa kaa'amuufi kan kana fakkaatan fa'i. Meeshaaleen kun waggaatti gaafa Araarri Waaqayyoo laatamu qofa tajaajilu. Akka meeshaalee mana keessaa yeroo barbaanneefi abbaan fedha itti hin gargaaramu. Meeshaaleen kun ulfina waan qabaniif hin sodaatamu. Kanaafuu godoodhuma Allaa keessaatti kunuunsi godhamaaf malee akka arge hin godhamani. Kana jechuun gaafa kabaja Araarii Waaqayyoo qofa tajaajila laatu jechuudha.

4.2 Ayyaana Abbaa /Nabii Horiqa/ Kadhachuu

4.2.1 Ayyaanni Abbaa Maali?

Ayyaanni abbaa yookiin Nabii Horiqa kan jedhamu hangafa hangafa ayyaanoota maraati. Ayyaanni kun qomoo tokkotti dhiyeenyaan kan tajaajiluufi olaantummaan jireenya isaanii kan gaggeesudha. Yeroo hoodaafi raajii tokko deeman kan hooda himus ta'ee kan raajii raaju duraan dursee namni hoodaaf deemu Ayyaana Abbaasaa akka kadhatu ni ajaju. Kun immoo kan agarsiisu Ayyaanni Abbaa hammam hangafummaan yookiin olaantummaan akka kennamuuf nama hubachiisa. Kanaafuu, Ayyaanni Abbaa Oromoota naannoo kanaa biratti sodaatamaa fi kabajamaa ta'uunsaa wal nama hin gaafachiisu.

Akka Obbo Dhugaasaa Nagaraa (afgaafii 17/6/2007) jedhanitti Ayyaanni Abbaa uumaa Waaqa Oromooti jedhu. Kana jechuun kan Oromoota jireenya gaarii jiraachisuufi kan waan hamaa jalaa oolchuu jechuudha. Haalli kenna Ayyaana Abbaa dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffata. Kunis yoom, maaliifi akkaataa itti kennamu of keessaa qaba.

4.2.2 Yoomessa Ayyaana Abbaa

Ayyaanni Abbaa yeroon itti kennamuufi bakki isaa murtaa'aadha. Kana yoo jennu yeroon isaafi bakki isaa daangeffamaa ta'uusaa kan mul'isu.

4.2.2.1 Yeroo Ayyaanni Abbaa Itti Laatamu

Ayyaanni Abbaa kadhanni isaa waggaa waggaan yoo ta'u, kunis waggaatti altokko ta'ee ji'a Sadaassaa keessa kan gaggeeffamudha. Kunis Gannii Oromoo waliin kan walqabatudha. Ayyaannii kun kan adeemsiifamu guyyaa gaafa Gannii ta'ee cabsa gara galgalaa (hoorii galchaa) irraa eegalee hamma galgala waariitti. Laatiin yookin qalmi godhamu waggaa tokko lafa ba'ee waggaa lammaataatti yoo ta'u, haalli kabajasaa waggasaa oolchee hin bulchu; guyyuma sana eeggata jechuudha. Laatiin wanta Ayyaana Abbaatiif godhamu qalma, daddarbaafi dhibaayyuufa'i.

4.2.2.2 Bakka Ayyaanni Abbaa Itti Laatamu

Bakki Ayyaanni Abbaa itti laatamu hortee sana keessatti karra hangafaatiin ta'a. kunis qe'e nama hangafaatti ta'ee galma yookiin goodoo mataasaa kan qabuufi yookiin mana hangafaatti kan gaggeeffamu ta'a.

Bakka kanattii Ayyaanni Abbaa karaa lama ilaalama. Tokko Ayyaanni kun nama irratti dhalatu qaba yoo ta'e godootu qe'ee hangafaatti ijaaramaaf. Yoommoo nama irratti dhalatu hin qabu ta'e godoo otoo hin taanee manuma hangafa maatii sanaatti ta'a. Hangafatti aanee kan dhalatee immoo mata qaboo ta'a. Kana jechuun yeroo hangaffni hinjirretti itti darbee Ayyaana Abbaaf laatii kan kennudha.

4.2.3 Ayyaanni Abbaa Maaliif Kadhatama?

Ayyaanni Abbaa dhimmoota adda addaaf kadhatama. Ayyaanni kun uumaa Waaqa Oroomoo waan ta'eef jireenyi maatii ayyaana kana kadhatuu, kallattii gara garaatin akka milkaa'uuf sagadama. Kunis sa'aaf akka tooluuf, namaaf akka toluuf, biqilaaf akka toluuf, jabbiif akka toluuf, saani maseentee akka dhalatuuf, namni fagoo deeme nagaan akka galuufi kan kana fakkaatu jecha kadhatama.

4.2.4 Eenyutu Ayyaana Abbaa Kadhata?

Namni Ayyaana Abbaa kadhatu miseensota maatii yookiin qomoo tokko hundaati. Kana yoo jennu sababa adda addaatiin qe'eerraa fagaatanii kan jiran jechuun kan heeruman, akkasumas biyya kan gadhiisaniifi maatiin qe'ee jiru hundi irratti kan hirmaatan ta'u. Miseensi kamiyyuu inni fagoos ta'ee dhiyoo, dhalaanis ta'ee dhiirri, guddaanis ta'ee xinnaan akkuma human isaaniitti sagada kanaaf gargaarsa kan ta'u karaa hangafticha ayyaana itti laattatanii buusii buusuudhaan walitti qabatu. Galiin walitti qabamu kunis korma ykn dullacha qalamu bituufi meeshaalee Ayyaana Abbaa bituufi haaromsuuf kan ooludha. Dhimma nama dhuunfaa ykn dhimma biroof kan oolu miti. Kanaafuu kadhanni kun jireenya miseensa maatii ykn qomoo tokko hunda kan ilaallatu dha.

4.2.5 Irreessa Dhibaaayyuufi Daddarbaa

Akka Dirribii Damissee (2012:74-75) jedhutti irreesssi, dhibaaayyuufi daddarbaan aadaa Waaqa galateeffannaa waaqeffattootaati jedha. Akkasumas wantoonni kun ayyaana aadaa Waaqefattootaati malee amantii waaqeffattoota miti jedha.

Gochi irreeffachuu, dhibaafachuuufi daddarbachuu yeroo kabaja ayyaana waaqeffattoota kan mul'atudha. Kunis kan ibsu galateeffannaa waaqayyooti.

Irreessa: Biqiltoonni waaqa kadhanaaf aadaafamanii Oromonni itti dhimma ba'aman irreessa jedhamu. Isaanis kanneen akka saardoo, araarsaa, abbayyii, anfaaree, birbirsaa fi kan kana fakkaatan fa'i.

Akka waaqeffattoota Aanaa Jimmaa Raareetti wantootni irreessa ta'uu, danda'an baay'ee yoo ta'aniyyuu yeroo kadhata Ayyaana Abbaa irreessa anfaaree ykn qowwisaatu filatama.

Dhibaaayyu: wanti dhibaaayyuuf ooluu waan dhangala'aa ta'e akka farsoo, buqqurii, aannaniifi booka (daraaraa)dha. Yeroo Ayyaana Abbaa kadhatan kan dhibaafamu buqqurii (farsoo geeshoo fi biqila hin qabne) fi bookadha.

Dadarbaa: yeroo kabaja Ayyaana Abbaa wantii dadarbaaf oolu daabboofi ciincaa fooniiti.

Akka adde Maammituu Dirribsaa (afgaaffii 10/6/2007) jettuttis “ namni Ayyana Abbaa kennu bakka hirreessa godhatetti dhibaaayyuufi daddarbaa godhamu yoo seeraan hin raawwanne rakkoon uumamuu danda'a. Rakkoon kunis yoo nyaatan sugii dhabuu, yoo calleessan baarakaa dhabuu, yoo dadalan bu'aa dhabuu namatti fiduu danda'a” jetti.

Walumaagalatti dhibaaayyuufi daddarbaan kan mul'isu waan dhugamuufi waan nyaatamu waan nuu eebbifteefi nuuf kenniteef yaa waaqa Abbaa galata kee fudhu jechuu namootaa ibsa.

4.2.6 Meeshaalee Ayyaana Abbaafi Uffataa Isaa

Meeshaaleen Ayyaana Abbaa dhimmoota adda addaatiif oolan jiru. Akkasumas uffanni tajaajila kanaaf oolan kophaatti adda bahee kan jiru dha.

4.2.6.1 Meeshaalee Ayyaana Abbaa

Meeshaaleen guyyaa kennata Ayyaana Abbaa tajaajilan kanneen armaan gadiitti: Isaaniis:

- Bal'aa (gundoo)
- Maaddii (gabatee Oromoo)
- Jabanaa gurroo tokkoo
- Maanqoo (manqallii), Okkootee
- Wanbara (baruma Oromo)
- Dibbee (kan ayyaanni ittiin waamamu) fa'i.

Meeshaaleen kun waggaasaaniitti malee hin tajaajilani.

4.2.6.2 Uffata Ayyaana Abbaa

Uffanni Ayyaana Abbaa bullukkoo ta'ee xilanni ykn kuulli isaa gurraachaafi diimaa dha. Kana malees sabbata kulli isaa gurrachaafi diima ta'es dhimma kanaaf oola. Akkuma meeshaalee Ayyaana Abbaa, uffanni isaas waggaa isaatti malee hin xuqamu. Kabaja waan qabuuf ulfinaan taa'a.

4.2.7 Adeemsa Ayyaanni Abbaa Itti Kennamu

Ayyaanni Abbaa yeroo kennamu adeemsa hodofamu qaba. Kunis: qophii duraa, yeroo raawwiifi shaman ba'uu (ulumaa ciisuu) of keessatti qabata.

4.2.7.1 Qophii Duraa

Qophii duraa keessatti kan ilaalamu wanta lafa jalee raawwatudha. Kunis:

Duraan dursanii buqqurii naquu, horii qalmaa bituu, meeshaalee Ayyaana Abba qixeessuu, mooraa horii haaromsuu, godoo ykn galma Ayyaana Abbaa haaromsuu, firoota dhiyoofi fagoo jiraniif waamicha gochuufii ilaallata.

4.2.7.2 Yeroo Raawwii

Raawwiin isaa kan eegalu guyyaa gaafa Gannii horii ta'ee cabsaa gara galgalaarraa kaasee hammaa halkan waariitti. Yeroo horiin galtu naannoo karraa irratti gamaafi

gamanaan muka Somboo jiidhaa dallaa irratti suuquun mataasaa lamaan waaqarratti walitti hidhuun loon goola baasuun eegalama. Goola baasun kunis horiin mortuudhaan akka hin xuqamneef qopheessuu agarsiisa. Loonis mooraa isaanii keessatti ni galu. Mooraan horiis kan duraarraa miidhagee kan qophaa'eefi walakkaasaa irreessi kan keessa dhaabbatedha. Namni sagada kana gaggeessu marqaafi dhadhaa dhimma kanaaf qophaa'ee okoleetti qabachuun horii eebbisuu irraa eegala. Tikseen marqaafi dhadhaa Okoleedhaan abbaa warraa jala qaba. Abbaan warraas saardoofi aannannoodhaan dhadhaa cuubee dugda horii irratti rukutaa facaasa. Gochi kunis yeroo shan horiitti naanna'uun mooraa horii keessatti kan raawwatu dha. Yeroo facaasanis akkas jechaa eebbisaa facaasu.

Horii! mortuu balleessi!
 Kormi Cirrii ta'i!
 Rimaan haphee ta'i!
 Gufuu burkutuu godhi!
 Boolla didibbee godhi!
 Korma baqqaansi!
 Kan maseene haadhalu!
 Mortuun, buudaan si hin danda'iin !
 Jechaa si'a shan horiitti naanna'aa fasaasu.

Sagadni kunis kan agarsiisu horiin hortee mooraa akka guuttuuf goomataan, mortuun, toshituun, buudaan akka hindandeenyeef Waaqa Ayyaana Abbaa gaachana godhachuu agarsiisa.

Dirribii Damissee (2012:122) haaluma walfakaatuun yoo ibsuu eebbi yeroo gaannii loonii taasifamu akkasitti dhiyaata jedha.

Horaa dallaa guutaa! Bobbaa'aa bakkee guutaa!


Dheedaa, barbadeessaa! Dhugaa booressaa!

Kormi cirri ta'i! yaabii qabadhu. Rimaan haphee ta'i! itti qaphadhu!

Ijji hamaan, ijji goomataa isiin hin argiin!

Yaanni armaan olii kun kan ibsu horiin akka rakkoo tokko malee walhortuuf waaqa kadhachuudhaan eebba kennuu agarsiisa. Tokkoon tokkoo ebba kanaa xiinxallee yoo ilaalle ergaa guddaa kan dabarsu ta'uusaa hubanna. Fakkeenyaaf, bo, oo calqabaa keessatti horaa dallaa guutaa! bobba'aa goodaa guutaa! Kan jedhu mooraa keessattis ta'ee yeroo

goodaatti yaatan lakkoofsi keessan haabaay'atu yaada jedhu of keessaa qaba. Dheedaa barbadeessaa!dhugaa booressaa!jechuun immoo rakkoo tokko malee hamma quuftanitti nyaadhaa;hanga dheebuu baatanitti dhugaa namni kamiyyuu isin hin daangessiin kan jedhu agarsiisa.Kormi cirri ta'i! jechuun yeroo jiboonni gaansitu hamma dugda raadaa yookiin sa'aa qabattutti lafa hin bu'iin jechuu yoo ibsu,rimaan haphee ta'i! kan jedhu immoo goromsi yookiin saani arii'amte garaan duwwaa hin ta'iin jechuun akka horiin baay'attuuf eebba kennuu agarsiisa.



Suura II: Yeroo Gannii Horiitti Facaasan Mul'isu (Qorataan bara 2007ALH kan ka'e)

Gochaa kana booda naannoo godoo Ayyaana Abbaatti korma ykn dullacha qaluudha. Kormi kun nama ayyaanaaf laatu isa hangafa ta'een haanfamee dhiigni isaa qeensamee borootti ol darba. Dhiigni kun bidiruu mata lamaan battee ta'erratti karaa tokkoon yoo namu,u gara biraatiin immoo ciincaa fooniitu taa'a. Dhiigni qeensame tajaajjilli biraa firoota dibuu fi of dibuudha. Namichi korma haanfe jalqabarratti dhiiga qubaan cuubee adda isaa dibata. Kunis addaafi addunyaa naaf kenni jechuusaati. Akkasumas namoota warra dhiiraa adda isaanii dibeetu addaafi addunyaa kenniif jedheetu eebbisa.Warreen dhalaa ta'an immoo dhiigicha qubaan tuquun morma isaan jala lubbuu tuqsiisee umurii dheeradhaa ;huraa diroo dabalaa jedheetu eebbisa.

Waamichi fagoofi dhiyoorraa dhufanis nama ayyaana abbaaf laatu kana akkanatti eebbisu. Akka Dirribi Damissee (2012:127) jeedhutti yeroo Ayyaana Abbaa laatan waamichiifi kan ayyaana abbaaf laatu akkanatti waljalaa qabuun waleebbisu jedha.

Waamicha

Qabattee aaga qabadhu!
 Kan waammatte siif haadhaga'u!
 Abidda bira ijoollee guuti!
 Gorroo duuba jabbii guuti!
 Qonna keessa midhaan guuti!
 Wanjoon kee haa sobbooqu!
 Biqila garbuu ta'aa!
 Dhalaa humburii ta'aa!
 Hamaan isin hin argin!
 Waleensuu kormaa ta'i!
 Yaabbii fi bu'a dhowwadhu!
 Sonboo kormaa ta'i!
 Bonaa fi ganna lallisi!
 Qilxuu guddaa ta'ii
 Bitaa fi mirga dagaagi!
 Dhangaa keessi biqila
 Duubni qabeedha
 Qabeenyi qe'ee keetti Haahafu!

Abbaa Warraa

Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!
 Hayyee!

Ani kanaan beeka, waaqayyoo na caalaa beeka kan hafe itti siif haa guutu, siif haa eebbisu” jechuudhaan dabaree dabareen wal harkaa fuudhanii eebbisu

Gaaleewwan eebba kana keessa jiran xiinxalamani yoo ilaalaman dhaamsa bal'aa qabu.Isaanis dubbii qoolaa keessaa bakkabuusa kan agarsiisan ta'ee yaada tokko caalaatti ifa gochuuf wantoota waliin madalchisuudhaan hubannoo kan namaa kennanidha.Gaaleewwan kunis biqila garbuu, waleenssuu kormaa, sonboo kormaa, qilxuu guddaa kanneen jedhaman yoo ta' u waan bakka bu'an qabu. Kunis akkanatti ibsama.

Biqila garbuu ta'aa- Sanyiin keessan saffisaan walahoru.

Waleensuu kormaa ta'aa-Diina keessan halaalatti ofirraa dhorkaa.

Sonboo kormaa ta'aa- Bonas gannas jireenya gaarii jiraadhaa;isinitti haatolu.

Qilxuu guddaa ta'aa - Qomoon keessan haabaay'atu hiika jedhu ofkeessaa qaba.

Walumaagalatti, yaanni dhiyaate kun maatiin warra Ayyana Abbaa kennatuu warra waamicha dhufaniin eebba argachuu isaanii nama hubachiisa. Kana malees namichi ayyaana laatu kun moora korma sanaa dirriirsee akkanatti kadhata. Kunis: “Namaaf toil! Biqilaaf toil! Kormi cirri haa ta’u! Rimaan haphée haa ta’u! kan dhalatee haa guddatu! Kan maseene haadhalu! Kan adeeme haagalu!” jechaa eebbisa. Akkasumas buqquriifi damma dhibaafatee ka’eetu habbuuqqachuudhaan “namaaf toil! Sa’aaf toil! Sanyiif toil! Hamaan nu hin argatiin!” jechaa firoota isaatti biifaa eebbisa Eebba kana booda ciincaa godhanii foon korma sanaa firootaaf hira. Dabalataanis nyaataafi dhugaatiin ni kennamaaf.

Yeroo kabajni ayyaana abbaa taasifamu akka gashatti kan galan kenneen armaan gaditti.

Isaanis:

- Buna duudaa
- Qumbii
- Bodii (Soogidda oromoo)
- Biqila cimdii sabbata.

Wantoonni kun bal’aa yookiin gundoo irra naqamaniitu irratti kadhatamu.

Qorataan kun Ayyaanni Abbaa yeroo kadhatamutti bakka araarri itti kennamutti argamee haala jiru hubachuu danda’eera. Fakkeenyaaf, yeroo maatiin obbo Abdataa Waaqa abbaa isaanii Nabiin waammatanii araara godhatan achitti argamuun suuraa kaasuufiyaadannoo tokko tokko qabachuun adeemsa isaa qalbifatee jira. Kunis maatii kana keessatti namichi kun hangafaafi akkasumas qaalluu waan ta’eef karaa isaa yeroo eebbi godhamuufi araarri kadhatamu qorataan bira ga’ee mirkaneeffateera.

Akka ilaalcha namoota naannoo kanaatti gashaan Ayyaana Abbaatiif galu kun hiika mataasaa qaba. Bunni duudaa waan qulqulluu kan hinqaqabatamnetti kanfakkeefamu ta’ee, Ayyaanni Abbaa ittigammadee dhimma namootaa akka raawwatuuf jecha kan galudha. Soogiddi Oroomoo kan yeroo dhandhaman nama hingubne waan ta’eef, waan mi’aawu bakka bu’a. Kunis hawaasa keessa jiran keessatti dubbiin namootaa fudhatama akka argatu yookiin qara akka bu’uuf Waaqa isaanii irraa akka eebba argataniif jecha kan galu ta’usaatu hubatama. Biqilli cimdii immo hormaata kan agarsiisu ta’ee qomoon

isaanii dachaa dachaa akka dabaluuf eebba argachuuf kan namoonni itti gargaaramanidha. Sabbanni jedhame kunis aadaa Oromoo kan agarsiisu ta'ee hamma dhumaatti humna argatanii cimanii dhaabachuu akka danda'an nama agarsiisa. Fakkeenyaaf, sabbanni mudhiitti maramee nama cimsa; humna namaaf kenna. Akkuma kana Ayyanni Abbaa yoo marsee nama eege raafama tokko keessaa cimsee nama baasa jechuudha. Dhumarratti, qumbiin galu immoo kan urgaa'u waan ta'eef namni jibbu hinjiru. Kanaafis kabaja Waaqaaf qaban irraa kan ka'e eebba argachuuf kan galudha. Kunis hawaasa keessa jiraatan keessatti jaalalaafi gammachuu argatanii akka jiraataniif kan nama dandeessisu ta'uunsaa waan amanamuuf gochaan akkasii niraawwata jechuudha..

Kanatti fufee yoo ayyaanni namarratti dhalatu jiraate akka dhalatuuf dibbee rukutanii ni faarsu. Yoommoo hin jiru ta'e akkanumaan faaruu farsaa waaqa abbaa isaanii Nabiin waamanii galateeffatu.

4.2.7.3 Shanani Ba'u (Ulumaa Ciisuu)

Namni Ayyaana Abbaa kennate tokko guyyaa gaafasii kaasee namatti hin mul'atu, ulumaa ciisa. Guyyaa shan booda garuu namatti mul'achuu danda'a. Kunis shanan baafachuusaa agarsiisa. Gaafa guyyaa shanani akkuma gaafa duraatti namni kun seera hundumaa guuttateetu sagaada laattata. Yoo barbaachisaa ta'e hoolaa qalunis ni jira. Namni kun otoo shanan hinbaafatiin yoo namatti mul'ate bayeessa miti jedhama. Akka Obbo Abdataa Diimaa (afgaaffii 7/6/2007) jedhanitti namni kun shanan otoo hin baafatiin namatti akkasumas sa'atti yoo mul'ate namnis, saa'anis hoofkaluu hin danda'u jedha. Meedhichi harka isaatti kaa'ame gaafa kana harkarraa ba'eetu muka boroo jiruu irratti dirama. Kana booda namoonni baala ulumaayii kan inni itti dhaqna isaa dhiqatu kennuufi. Haaluma kanaan edda dhaqana dhiqatee booda marga kuteetu alanfata. Waan alanfate kanas tuttufaa namaafi sa'atti akkas jechaa ba'a. "Namni oofkali! Saani, horiin oofkali!" jedheetu eebbisa. Shanani kun bifa kanaan edda ba'ee, kan duraan qe'eerraa fagaatanii hin deemne, amma akka barbadanitti hawaasa keessatti makamuun jireenya hawaasummaa gaggeessuun ni danda'ama jechuudha.

4.2.8 Faaruu Ayyaana Abbaa

Yeroo Ayyannni Abbaa kennamu namoonni faaruu adda addaa faarsuun uumaa Waaqa abbaa isaanii ni galateeffatu; akkasumas ni kadnatu. Kanatti aansuun mee faaruwwan akka Aanaa Jimmaa Raareetti mul'atan tokko tokko kaafinee haa ilaallu.

Nabi leencaa leenci loon oofe

- 1 Ya saree balaccuu
Eda qearransi harqee
Ya gadhee baqattuu
Ija keerratti argee
Nabi leencaa leenci loon oofee

Akka faaruu kanaatti Nabi Horiqa Ykn Ayyaanni Abbaa nama gadhee ta'e akka hin jaalanne ibsuu isaati. Kunis Nabi leenaca waan ta'eef namoonnis akkumma isaa goota akka ta'an kan hawwu ta'uu mulisa.

2. Iyyaan daamuu nyaataa
Gordommoo naanna'ee
Nibi Yabbaa Kormaa
Iyyee waamuu laataa
Borotti ol naanna'ee
Nabi leencaa leenci loon oofee

Faaruu kun kan ibsu namoonni bakka ulfina qabu dhaabatanii yoo Nabiin waammatan iyya isaanii dhaga'uudhaan waaqxi abbaa isaanii akka isaan gargaaruu danda'u dhaamsa dabarfachuu namootaa agarsiisa.

3. Ya akaakayyuu koo
Ya isa abbaa koodhashee
Nabi yabbaa kormaa
Nurra gonboobikaa
Akka handaaqqoo dhaltee
Nabi leencaa leenci loon ofee

Faaruu kun dhaamsa guddaa dabarsa. Kunis akkuma handaaqqoon koochoo ishee gomboositee ilmaan isheerra qabuun diina irraa ittiftu, Nabis namoota isaarra rakkinni ykn dhiibbaan akka irra hin geenye dandeettii yookiin humana cimaa ittiin irraa ittisu qabaachuusaa kan ibsudha. Kanaafuu, yaanni kun handaaqqoo dhaltuufi Nabiin walfakkeesseera. Asirratti wanti hubatamu namni gargaarsa Nabiin wallaale gargaarsa hindaaqqoon dhaltuu ilmoo isheetiif gootu waliin walbira qabee oolmaa inni namaaf oolu

hubachuu danda'a. Dhimmi kun dubbii qoolaa akkasaatiin icciitii gadi fagoo fuulleetti baasee haala namaa galuu danda'uun ifa gochuu agarsiisa.

Nabihoo ya balasaa

Bahiin kee diina reebbee

4. Anaa nyaatu iddoo kee

Yaadeen sagalee kee

Irraan gadeen tabbaa

Irraa gateetu darbaa

Yabalaasaa bahiin kee diina reebbee

Akka faaruu kanaatti Nabi Horiqaaf iddoo guddaatu kennamafi. Kana yoo jedhamu Ayyaanni Abbaa ayyaana kamiyyuu caalaa olaantummaa kan qabuufi kan kabajamu ta'ee itti dhyeenyaan nama isaa kan gargaaru ta'uusaa kan mul'isu dha. Kanaafuu, akka ilaalcha hawaasa naannoo kanatti hamma Nabi wanti namaaf ga'u hinjiru jechuudha. Walumaagalatti, faaruun kun kan barbaachiseef walitti dhufeenyi namootaafii uumaa waaqaa isaanii gidduu jiru harriroo gaarii akka horatuuf jecha kan faarfamudha. Kunis gala teeffachuufi galata fudhachuu waliin walqabata.



Suura III: Maatiin obbo Abdataa Ayyaana Abbaa Isaanü Araara yoo kadhatan(Qorataan 2007ALH kan ka'e

4.3 Warajoo Hidhuun Waaqa Kadhachu

4.3.1 Hiika Warajoo

Warajoon horii Ateeteef adda baatee kennamtu dha. Kunis gorommummaa isheerraa kaatee kan horsiifamtu dhe. Bu'aan horii kanarraa akka argametti tajaajila hin kennu. Fakkeenyaaf, dhadhaan horii kanaa gabaa bahee hin gurguramu; halagaadhaan hin nyaatamu. Haata'u malee, dhadhaan kun yeroo yeroodhaan walitti qabamee akka kuufamu taa. Kana booda gaafa guyyaa ayyaana dubartootaa (Ateetee) dhangaa biroo waliin qophaa'ee halagaafi firaan kan nyaatams ta'a. Horiin warajoof hidhamete kun yoo dulloomtellee qeetti qalamti malee hin gurguramtu. Otoo hin qalamiin dura jabbiillee dhalatan keessa goromsa tokkoosheetti haquudhann warajoof hidhuun Ateetee ofii kadhatu.

4.3.2 Warajoon Maaliif Hidhama

Horiin tokko warajoodhaaf akka hidhamtu kan ta'u sababoota adda addaatiif. Akka obbo Dhugaasaa Nagaraa jedhanitti horiin warajoof kan hidhamtu bu'aan sa'a irraa argamu caalaatti akka tajaajila kenuufi. Kunis aanna gaarii, dhadhaa gaariifi jabbilleen gaarii akka mooraa guutaniifi. Kana malees, maatii tokko keessatii ijoolleen dhalatan rakkoo tokko malee akka gudaataniifi. Kunis dubartoonni Waaqa Ateetee isaanii kadhatanii jireenya isaanii garafuulduraa keessatti gufuu tokko malee gammachuufi badhaadhinaan akka guutamaniif jecha kan sagadamudha.

4.3.3 Kabaja Yeroo Ayyaana Ateetee /Sirna Warajoo Hidhuu

Ayyaanni kuni kabajni isaa kan gaggeeffamu waggaa waggaan ta'ee ji'a Furma (Mudde) keessa kan raawwatudha. Kabjjini isaas dubartootaan kan gaggeeffamu yoo ta'u, ayyaanni haadharra buufate isheef tolee, dhala isheetti akka darbuuf uummatni kan itti Waaqa kadhatudha. Guyaan Ayyaanni Ateetee itti kadhatamu guyyaa maaramaa jedhama. Guyyaa ayyaana kanaatti dubartiin dhimma kana gaggeeffattu uffata adda ta'een faayamtee dhiyaattii. Akka Dirribii damussee (2012 P.120) Wbsetti, "Guyyaa Ayyaan Ateetee dubartiin uffata addaa kan mataasaa danda'e kan akka qoloo-faanaa, qomee-qomaa, caaccuu, calleefi kankana fakkaataniin jifaarrattee, waggaatti si'a tokko ijoolleeshee baqsaa cuuphxee kan eebbiftu dha" jedha.

Uffanni qomeefi shaashii halluu gurraacha, diimaafi adii kan qabu yoo ta'u, innis hiika mataasaa kan qabudha. Kunis; gurraachi-waaqa, diimaan gootummaafi adiin immoo waan dhumarra gahe kan mul'isudha jedhama. Kunis aadaa Oromoo ta'ee eenyummaa Oromtittii kan mul'isudha.

4.3.4 Adeemsa Kabaja Ateetee

Adeemsa kabaja Ateetee keessatti wantoonni akka dhangaatti qophaa'an lafa jala kan dhiyaatuufi namoonni affeerraaf waamamanis dursa kan beeksifamu ta'a. Edda kun ta'ee booda gaafa guyyaan isaa ga'u akkanatti ayyaaneffatama.

Dubartiin Ateetee naqattu ijoolleeshee walakkaa teessee baksaa (dhaahaa baqe) keessa saardoo cuuphxee akkannatti eebbifti. Ijoollee warra dhiira ta'an adda isaanii saardoo dhadhaan cuupheme sanaan xuqsiftee addaafi addunnaa argadhaa! Hamaan isin hin argatiin! jettee eebbifti. Warren dhalaa ta'an immoo lubbuu isaanii tuqsiiftee lubbuu isaanii naaf dheeressii! namaan, sa'aan isaan horsiisi jeettee eebbifti, edda eebbi xumuramee booda nyaataafi dhugaatiin itti fufa. Namni guyyaa gaafa kanaa achirratti dhiyaate nyaatee dhugee hin galu; achuma bula malee. Yoommoo achi buluuf qe'een isaanii kophaa ta'ee isaan rakkise akka qoodaatti wanti godhamu jira. Kunis naannoo madabii jala qeexamaa firfirsuun dhirsaaf niitiis yoo ta'e, namni biro akka yeroo muraasaaf ciisee ka'u taasifama. Sana booda qooda waan guutaniif namoonni kun mana isaaniitti galuu danda'u. Warreen hafan immoo faaruudhaan ayyaanicha faarsanii miidhaksuun haadha qe'ee sanaa gammachiisu. Dubartoonni waamicha dhufan isa nyaataniifii dhuganiin alatti mataa isaniillee dhadhaa dibataniitu galu. Dhimmi kun edda raawwatee booda shanan baasuunis jira. Gaafa shananiis akkuma gaafa duraa dubartoota waamanii qoodicha ni baasu. Haaluma kanaan kabajini isaa raawwatee waggaa dhufuuf of qopheess eegalu. As keessatti abbaan warraa affeeramuudhaan alatti ga'ee inni qabu hagas mara hin jiru.

Warajoo hidhuun Ayyyna Ateetee waliin kan walqabatu ta'uusaa odeeffannoo funaaname irraa hubachuun danda'ameera. Dubartiin warajoo hidhattu Ayyaana Ateetee ishee waamtee ijoollee isheefi horii isheetiif waaqa ni kadhatti. Qorataan kunis yaada kana mirkaneeffachuuf yeroo namoonni Ayyaana Ateetee kadhatan daawwatee waan hubate

qaba.Kunis, nyaata adda addaa dhimma kanaaf qophaa'e,dubartii uffata Ateeteen faayamtee yeroo isheen ijoollee ishee dhadhaa dibdu,akkasumas warra waamichaa yeroo dhaadhaa dibduufi yeroo sirnichi gaggeeffamu hubateera. Ayyana Ateetee ishee waamtee ijoolleesheefihorii isheef Waaqa ni kadhatti.

4.3.5 Faaruu Ateetee

Yeroo Ayyanna Ateetee gaggeessan faaruun faarfamu ni jira. Akka fakkeenyaatti mee faaruu kanahaa ilaallu.

1. Ateetiyyee ko
Garraamiyyeeko
Ushurururuu
Ateetee katee qimbirsaa
Dhufeenoo siif dannabsaa
Ateetiyyeeko ushurururuu

Akka faaruu armaan oliirraa hubatamutti Ateeteen kan garaa namatti hin jabaanne waan taateef urursuutu barbaachisadha hiika jedhu of keessaa qaba. Kanaafis yoon siif shubbisee si galateeffaadhe natti hin baadu yaada jedhu ni calaqqisiisa.

2. Maalooree Ateetiyye
Situ fayyaa qaba
Situ jabbii qaba
Yoo naanaate maal qaba?
Fayyaa fayyaa
Fayya Ateetee fayyaa
Maaloo na hindhaaniin
Koollee hin wallaaliin
Fayya Ateetee fayyaa

Faaruuwwan armaan oliirraa waan baayi'ee hubachuu dandeenya. Dubartoonni yeroo ayyaana kana kabajan fayyaanis mana kee jira; hormaanni horiis si bira jira; adaraa nutti hin waakkatiin waan hundumaanuu nurra dhangalaasi yaada jedhu of keessaa qaba.

Dabalees beelaafi hiyyummaadhaan na hin rukutiin, sanyiif dhaltii naaf gadhiis, waa'een koo sitti haa mul'atu; si jalaa hin dhokatiin ergaa jedhu kan dabarsu ta'uusaa nama hubachiisa.

4.4 Yeroo Hongeen Bu'u Waaqa Kadhachuu

4.4.1 Hongeen Maali? Maaliifis Bu'a?

Hongeen caamsaa hamaa kan beelaan horiifi nama fixuu danda'u dha. Kunis yeroo dheeraadhaaf roobni yoo bade kan uumamu dha. Caamsaan hammaa kun kan dhufuu danada'u akka ilaalcha namoota naannoo kanaatti malkaatti, tulluutti you sagaduu didanidha jedhama. Tulluufi malkaattii yoo sagadame, bokkaan yeroo isaa eegee waan roobuuf hongeen hin bu'u amantaa jedhamutu jira. Caamsaan bu'u darbee darbee yoo ta'u, kunis kadhataafi sagadaan bakka isaatti kan deebi'u ta'a. Kana jechuun Waaqni akka waaqummaa isaatti, namni akka namaatti, hariiroon waliin qaban gaarii yeroo ta'u waaqxi toora isaatti deebi'uu mul'isa.

4.4.2 Eeyutu Kadhata? Maalqabataniitu Kadhatu?

Akka ilaalcha uummata Aanaa Jimmaa Raareetti yeroo caamsaan hamaa bu'u akka Waaqxi araara namaa buusuuf Waaqa kadhachuun yookiin ulfina ofii gadi buusuun gomboobuudhaan Waaqaaf sagaduun barbaachisaa akka ta'e ni amanama. Kunis hariiroon namaafi Waaqa gidduu jiru akka wal irraa hin fagaanneef walitti dhufeenya uumaafi uumama gidduu jiru cimsuu agarsiisa. Kana yoo jennu yoo namoonni garaa guutuudhaan Waaqa kadhatan araara namaaf buusuun balaa uumamuuf deemu tokko jalaa nama baasa. Kanaafis yeroo hongeen bu'u kana kadhata gochuun haala uumame mijeessuun ni danda'ama.

Kadhanni kun kan gaggeeffamu karaa namoota naannoo keessatti hangafa ta'aniin ta'ee namoota armaan gadii of keessatti qabata. Kunis: Manguddoo, Gadaa, ijoollee roggaa (guultuu), jaartii (ceferee) fi jaarsa kan hirmaachisu dha. Isaanis wantoota kan akka waddeessaa, hin'ee, anfaaree, kalaalaa, araarsaa, margaa fi birbirsaa walkeessa dalaga gashuun harkatti qabatani Waaqa kadhatu. Mukkeen kunis kan filamaniif warreen ulfina qabaniifi eebbaf sagadaaf kan tajaajilan waan ta'eefi.



Suuraa IV: Namoota Hongee Bu'uuf Waaqa Araara yoo Kadhatan (Qorataadhan 2007ALH kan ka'e)

Izgoot! Abeet! Jechaa irra deddeebi'uun kadhatu. Ittifufuudhaanis irraafi jalaatiin haala armaan gadiitiin kadhata isaanii Waaqa dhageessisatu.

Waaqa nagaan nu ooshitee
Nagaan nu bulchi!
Sa'aaf marga sifeessi!
Namaaf midhaan sifeessi!
Gufuu burkutuu godhi!
Bolla didibbee godhi!
Nama nuu of kalchi!
Sa'a nuu of kalchi!
Nuu roobsi !
Tooratti nuuf deebii!

Nu bulchi!
Sifeessi!
Sifeessi!
Godhi Waaq!
Godhi Waaq!
Ofkalchi Waaq!
Ofkalchi Waaq!
Roobsi Waaq!
Deebii Waaq!

Yaanni kun kan mul'isu hariiroon Waaqaafi nama gidduu jiru yoo laafe rakkoon akka uumamu danda'udha. Kanaaf jecha Oromoon Waaqa isaa bakka jirutti tullutti ol ba'ee, akkaasumas malkaa bu'ee sagadachuu qaba. Yoo kun sirnaan raawwate, hongeen beelaan nama hin rukutu jechuudha.

Yeroo hongeen bu’u Waaqa kadhachuun araarri akka bu’u odeeffannoo funaaname irraa hubachuun danda’ameera. Dabalataanis ,yaada kana mirkaneeffachuuf qorataan bakka saganni kun gaggeeffamutti argamuun yeroo isaan ijoollee irraa kaasee hanga manguddootti Waaqa waamanii nuuf roobsii kadhatan suuraa kaasuun akkasumas yaadannoo qabachuun haala isaa hubateera.

4.4.3 Dhangaa Dhimma Kanaaf Qophaa’an

Yeroo caamsaan hammaatu sagadaaf akka toluuf dhangaaleen qophaa’an hedduu dha. Isaanis. Mulluu, daabboo, marqaa, bassoo, nuugii tumamaa, waan qalma (korma, dullachaa ykn hoolaa)fi kan kana fakkaatantu gosa gosaan dhiyatee abdaariif irraa daddarbama. Sana booda namoonni naannoo sanaa walitti yaa’anii dhangaa sana nyaatanii Waaqa isaanii kadhatanii galu. Yeruma sana ykn yeroo muraasa booda waaqxi kadhaa isaanii dhaga’ee bokkaa yeroo dheeraaf ture ni roobsa jedhama.

Akka Dirribii Damissee (prezidantii Waldaa Maccaafi Tuulamaa 2012:66) ibsetti “Waaqayyo yeroo roobaa yoo dabarsee ongeen hammaate Waaqayyo safuu keetti deebi’i jedhee dhiirri kallacha qabatee, dubartiin siiqqee, caaccuu fi okolee qabattee, kormaafi dullacha qalanii Waaqa kadhatu. Akkasiin kadhatanii yoo Waaqni garaa jabaate Oromoon dur jabbii haadha laga, farad cancalee bishaaniifi marga laga. Sana booda yoo Waaqni safuu eeguu dide hawaasni Oromoos waanuma Waaqni godhe goona jedhanii deddeebisanii gocha armaan olii dalagu. Yeroo kana Waaqnis dafee rooba” jedha. Kana jechuun Waaqni araara naamaaf buusuu isaa ibsa.

Yaanni aarmaan olii kun kan ibsu duudhaa Oromoo keessatti saganni bakka guddaa qabaachuusaa agarsiisa.Kana yoo jennu wanti namatti ba’aa ta’e yookiin ulfaataa ta’e tokko Waaqa biratti salphaadha.Kanaafis akka Waaqxi jireenya ulfaataa ta’e namaa salphisuuf, guddummaa Waaqaa beekanii waan Waaqxi namarraa barbaadu gochuun murteessaa ta’uusaa nama hubachiisa.

Boqonnaa Shan: Cuunfaafi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti wanti ilaalamu yaadolee hamma ammaatti ka'aa turan cuunfanii lafa kaa'uufi yaada furmaata ta'a jedhame ibsuurratti kan fuulleffatudha.

5.1 Cuunfaa

Haala jiruufi jireenya gaggeessu keessatti sabni tokko aadaa, barsiifataafi amantaa mataa isaa danda'e qabaachuun isaa beekamaadha. Haaluma kanaan Godina Horroo Guduruu Aanaa Jimmaa Raaree keessatti sabni Oromoo naannoo kana jiraatu barsiifata isa ibsu qaba. Kanneen keessaa inni tokko araara Waaqayyoo baasuudha. Kanaafis xiinxala sirna Araara Waaqayyoo baasuu mata-duree jedhu irratti qorannoon gaggeeffameera. Ka'msi qorannoo kanaas barsiifanni Araara Waaqayyoo baasuu aanaa kana keessatti laafaa waan dhufeeff rakkoo jiru kana sakatta'anii bira ga'uufi. Kanaafis, gaaffiileen qorannoo kana gaggeessuuf bu'uura ta'an dhiyaataniiru.

Gaaffiilee qorannoo kanaatiin deebii argatan:

Araaraa Waaqayyoo baasuun maali?

Adeemsi araara Waaqayyoo baasuu maalfakkaata?

Araarri Waaqayyoo yoo ba'uu baate maaltu ta'a?

Dhimmoon araara Waaqayyoo keessatti ka'an maalfaa'a? kan jedhu.

Gaaffiiwwan bu'uura kanarratti hundaa'uun kaayyoon qorannoon kun qabatee ka'e inni ijoon araarri Waaqayyoo maal akka ta'e ibsuu kan jedhu. Haaluma kanaan, araarri Waaqayyoo akka qorannoo kanaatti barsiifata Oromoon Waaqa kadhatee dhiifama gaafatu ta'ee argameera. Bifa kanaan araarri Waaqayyoo yoo ba'uu baate jireenya namootaa irra kallattii adda addaatiin miidhaan irra ga'uu danda'a. Kunis, maatii dhimma kana gaggeessatu keessatti ijoolleen buluufii diddi; horiin jalaa dhumti; callaan oomishee gashatu baarakaa jalaa dhaba; akkasumas Waaqxi yeroo adda addaa itti deebi'ee bakakkaa itti buusuudhaan lubbuu isaaniifi qabeenya isaanii irratti balaa uumuu akka danda'amu hubatameera. Kana malees, dhimmoonni araara Waaqayyoo keessatti ka'an akkaataa sagadaa, eebbaa, faaruuwwan, meesaalee sirna kana keessatti tajaajilan, dhangaaalee adda addaafi wantoota akka gashaatti galan ofkeessatti hammachuun isaa mul'ateera.

Kaayyoon biraa, adeemsa araara Waaqayyoo ifa godhuu kan jedhu yoo ta'u, adeemsi isaas qophii adda addaa qabaachuu, bakka itti gaggeeffamu qabaachuu, yeroo itti gaggeeffamu qabaachuu, waan raawwatamun qabaachuufi eenyuun akka raawwatamu kan of keessatti qabu ta'ee argameera. Walumaagalatti, qorannoo kana irraa wanti hubatamu hawwaasni Oromoo Aanaa Jimmaa Raaree haala jiruufi jireenya gaggeessu keessatti namni tokko cubbuu, gidiraa, dabaafi kan kana fakkaatu yoo raawwate Waaqa mufachiisuudhaan rakkoo keessa seenuu akka danda'u kan mul'isu yoo ta'u, kunis araara Waaqayyoo baasuu keessatti kan hubatamu ta'uusaati.

5.2 Yaboo

Barsiifanni yookiin aadaan hawaasa tokkoo umrii dheeratee akka hawaasicha waliin turuuf eeggannoofi kunuunsi barbaachisaa ta'e godhamuufi qaba. Yoo kuni ta'uu baate hawaasichi ofdagatee aadaa ormaa dagaagfachuudhaan eenyummaa isaa dhabuu danda'a. Bifuma kanaan qorannoo kana keessatti sabni Oromoo Aanaa Jimmaa Raaree barsiifata araara Waaqayyoo baasuu kan abbootii isaanii durii gadhiisaa jiru. Kanaafuu, adeemsi kun haala kanaan yoo itti fufe rakkoo eenymmaa namatti fiduu danda'a. Barsiifanni araara Waaqayyoo kun akka hinbanneef hirmaannaa namoota adda addaa barbaachisa. Kanaafis, qabxiilee armaan gadii hubannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Kunis:

- Qaama dhimmi isaa ilaallatu kanneen akka barsiisota, Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jimmaa Raaree, abbootiin duudhaa Oromoo beekan waa'ee aadaa hawaasichaa uummata barsiisu qabu.
- Beektonni, barsiifata Oromoo aanaa kanaarratti qorannoo bal'aa gaggeessuun bifa kitaabaatiin maxxansuun akka namoonni dubbisan gochuu qabu.
- Dhaloonni haaraa aadaa abbootii isaanii beekuuf kaka'umsa horachuu qabu.
- Ilaalcha gad aantummaatiin aadaa ofii tuffatanii kan biroo caalchisuurraa Oromoon kamiyyuu ofqusachuu qaba kan jedhamu hubannoo keessa galchuun yaada furmaataa ta.a.

Wabii

- Addunyaa Baarkeessaa. (2011). *Akkaamtaa*. Finfinnee, Oromiyaa.
- Bascom William. (1965). "Four Function of Folklore" *Journal of American Folklore*(vol.67.No.260) .Puplished by American Folklore Sosiety.
- Balaay Mokonnnon. (2007). *Kiristaanummaaafi Oromoo*, Finfinnee, Oromiyaa.
- Brunvand, V. Hareld. (1979). *Reading in American Folklore*: New York.
- Darajjee Gammadaa. (2012). "Qaaccessa Qabiyyee Qorichaa Aadaa Aanaa Giddaa Ayyaanaa." MA thesis. Addis Ababa University.
- Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Mana Maxxansa Far East Trading PLC
- Diribii Damissee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo. Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.
- Dorson, R. M. (1972). *Folklore and Folk Life: An Introduction*. Chicago and London: Univeraity of Chicago press.
- Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Englewood Cliffs: prentice hall Inc.
- _____. (1969). *The Meaning of Folklore*. The Analytical Essays of Alan Dundes. Utah State University Press. Longan, Utah
- Jeylan, W.H. (2005). "The Function of African Oral Arts; the Arsi Oromo Oral Arts in Focus". *Journal of African Carbian Literature*.
- Karl, Knorth. (1996). *A Pioneer of American Folklore-Karl knorth and His Collections*.USA-University of IdahoPress.
- Leellisaa Aadaa.(6413A.L.W). *Kudhaama Seenaa*: Oromiyaa. Finfinnee
- Malkaamuu Margoo. (2007). "Qaaccessa Qabiyyee Makmaaksa Oromoo." MA Thesis. Addis Ababa University.

- Okpewho, I. (1992). *African Oral Literature: Background, Character and Contunity*.
Bloomington Indiana Polis: Indiana University Press
- Sahilu Kidane .(1996). "Borana Oromo Prose Narratives A Contextual study." MA
Thesis.Addis Abeba University.
- Senbeto Bushafi Kanneen Biroo.(2004). *History of the Oromo to the Sixteen
Century*. Volume 1. Adama.
- Sims, and Stephens. (2005) *Living Folklore: An Introduction to the Study of People and
Their Traditions*. Utah State University Press Longan, Utah.
- Sisay Addunya .(2012). "Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksaa: Haala Godina Horroo
Guduroo Wallaggaa". MA thesis. Addis Ababa University.
- Tadesse Jaleta. (2006). "A Contextual Study of Gujii Oromoo Proverbs:" Functions in
Focus. MA Thesis. Addis Ababa University.
- Tiquabo Gebereselassie. (2009). "Folkloric Analysis of Tigray Festivals with Special
Reference to "Ashenda"." MA Thesis Addis Ababa University.
- Umar Adam. (2004). "Qaaccessa Sirna Araara 'Kottu Dhufee' Oromoo Arsii Aanaa
Dodolaa." MA Thesis Addis Ababa University.
- Waldaa Aadaafi Duudha Oromoo. (2006). Daaniyaa*
- ሰሎሞን ተሾመ. (2007). ፎክሎር ምንነቱና የጥናቱ የትኩረት አቅጣጫ። ፋር ኢስት
ትራዲንግ**
- www.press.uchicago.edu/ucp/books/bo.
- Wikipedia, the Free Encyclopedia.htm
- www.oossred.net/.../ssrr.19p.3pdf

Dabalee C
Namoota odeeffannoo kennan

Lakk .	Maqaa	Hojii	Saala	Umurii	Ganda	Sadarkaa barumsaa
1	Abdataa Diimaa	Qaalluu	Dhi	68	Misooma Dhangaggoo	-
2	Balaachoo Dibaabaa	Qotee bulaa	“	55	Haroo Guutaa	6
3	Balaayii Warqee	“	“	47	Kaarraa kontee	8
4	Dabalaa Gashee	Qaalluu		60	Taffafataa Tulluumaraa	-
5	Dhugaasaa Nagaraa	Qotee bulaa	“	58	Haroo Guutaa	2
6	Gaarradoo Torbee	“	“	65	Keekkuu Qaalloo	-
7	Gurmeessaa Hambulee	“	“	60	“	-
8	Mammituu Dirribsaa	“	Dha	46	Sochoosaa Gammachiisaa	6
9	Name Dilgaasuu	“	Dhi	54	Sochoosaa Gammachisaa	-
10	Sanbataa Hundee	Qonnaan bulaa	Dhi	72	Misooma Dhangaggoo	-
11	Tarfaa Gabbisaa	“	“	56	Keekkuu Qaalloo	-
12	Tolasaa Tamasgeen	“	“	48	Kaarraa kontee	-

Dabalee A

Af gaaffii

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimii fi Sab quunnamtiitti

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu fi Fookloorii

Kabajamtoota odeeffannoo kennitootaa;

Kaayyoon af gaaffii kanaa mata duree “ Xiinxala Sirna Araara Waaqayyoo Baasuu” akka aanaa Jimmaa Raareetti qorachuun ifa baasuufi. Kanaafuu, hirmaannaan keessan milkaa’ina hojii kanaatiif murteessaa waan ta’eef akka haala qabatamaa haawasicha keessatti mul’ateen odeeffannoo dhugaa akka kennitaniif kabajaanisin gaafadha.

Qajeelfama: gaaffiilee armaan gadiitiif haala gaaffichaarratti hundaa’uun deebii kenni.

- 1) Bakakkaan maalii?
- 2) Bakakkaan yoomii fi eessatti bu’aa?
- 3) Bakakkaan maaliif maatii tokkotti dhufaa?
- 4) Yeroo bakakkaan bu’u araara akkamiitu kadhatamaa?
- 5) Ayyaanni abbaa maalii?
- 6) Adeemsi ayyaana abbaa kadhachuu maal fakkaataa?
- 7) Kadhata Oromoo keessatti warajoo hidhuun maalii?
- 8) Gochi warajoo hidhuu eenyuun taasifamaa?
- 9) Adeemsi warajoo hidhuu maal fakkaataa?
- 10) Yeroo hongeen bu’u sagada akkamii qabaa?
- 11) Hongeen maaliif bu’aa?
- 12) Yeroo hongeen bu’u eenyufaatu kadhataa?

Dabalee B

Daawwannaa

Qabxiilee daawwannaan ilaalaman.

- 1) Bu'a bakakkaatiif araara kadhatamu adeemsa isaa ilaalu
- 2) Yeroo ayyaana abbaaf kadhatamu haala jiru ilaalu
- 3) Yeroo hongeen bu'u akkaataa itti waaqa araarfatan daawwachuu
- 4) Yeroo warajoon hidhamee waaqa kadhatan ilaalu

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadi'tti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Korree Kurmaanaa Dhufeerad

Mallattoo ~~gaa~~

Guyyaa 10/09/2015

Ani akka gorsaa waraqaa qorannoo kanaatti waraqaan kun qormaataaf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____